# KADHANNAA GUYYAA 10



## Hafuura Waaqayyoo Barbaaduu/Fedhu

## Seensa

Kadhannaa guyyaa kudhanii kan bara 2020tti baga nagaan dhuftan! Waggaa kana kadhannaadhaan jalqabuu keenyaaf galata qabna. waaqayyo waggaa darbeetti dinqii baayyee isaa hojjete, kanas soomaa fi kadhata keenya keessatti argineerra. Hafuurri qulqulluun daddammaqiinsa gochuudhaan, geddaramsa hojii wangeelaatiif lubbuun haara'an, walitti dhufeenyi namootaa deebi'ee fayyeera. Dhugumattuu, kadhannaan bakka itti daddamaqiinsi dhalatu dha.

Ni amanna akka Jireenyi kee fi jireenyi warri ati kadhattuufii yoo miseenssonni waldaa dhangala'uu Hafuura qulqulluutiif kadhatan akka jijjiramu. Inni isa Abbaan warra isa kadhataniif kennuudhaaf waadaa seenee dha. Kadhannaa guyyaa kudhanii irratti hirmaatanii xumura kadhannichaa irratti deebii isaanii kan kennan yaadni nama sadan tokkoo armaan gaditti caqafamee jira.

**N.K. from Zambia:**
Yeroo kadhannaa guyyaa kudhanii keessatti gaafa guyyaa sadaffaa, namoota fuldura nan kadhadhan ture, yakka kootiif waaqayyo araara akka naaf godhu nan kadhadhan ture. "Namni ta'e tokko of ajjeesuuf yaalii gochaa jira," akkas jedhee kadhachaan ture, "Yaa jaallatamaa gooftaa, adaraa du'atti isaan hin kennin. Adaraa gidduu seeni. Guyyaa itti aanutti adaadaan koo of ajjeesuuf yaalii gochaa turuu ishee yeroon dhaga'e baayyeen rifadhee ture. Garuu sababii kadhata keenyaaf Waaqayyo gidduu seenee lubbuu ishee oolche. Dhugabaatii kana yeroon barreessaa jiru isheen akka gaariitti jirti. Waaqayyos jireenya ishee keessaa hojii hojjechaa jira. Hundumti keenya Waaqayyoon ingalateeffanna kadhannaa keenyaaf deebii dinqisiisaa waan deebiseef.

**J.J. North Carolina, U.S.A. irraa:**
Kadhannaa guyyaa kudhanii bara 2018 sana deebi'ee yeroon yaadadhu, michuun koo Alicia namni jedhamtu namoota shaniif gara kiristoos akka dhufaniif kadhata turte. Waaqayyo kadhannaa ishee baayyee deebiseera, garuu amma iyyuu maqaan nama tokkoo yaadannoo ishee irra jira, maqaan sun kan obboleettii isheetii ishee deebi'uu diddee dha. Hata'u iyyuu malee, wagga kana yeroo kadhannaa guyyaa kudhanii kadhannuu, obboleettiin Alicaa gara iddoo kadhannaa dhuftee Yasuusiif of laatte. Amma isheen qo'annaa macaafa qulqulluu hordoftee cuuphamuuf qophii irra jirti. Itti dabalee namoonni lamaan tokko kadhannicha hordofaa kan turan cuphamuuf of kennan. Waaqayyoon hojii isaatii fi tajaajila kadhannaa guyyaa kudhanii

sanaaf guddaa isa galateeffanna. Hundumaa irra caalaa yeroo walii wajjin kadhannu dhugumaan Yasuusii wajjin ta'uu keenya guddaa hubanna.

**Amanaa biyya Eshi'a tokko:**
Utuu kadhannaan guyyaa kudhanii deemaa jiruu, abba koo isa waaqa irraa carraa ergaa Adventistii labsuu akka naaf kennuuf nan-kadhadhe . . . ergaan guyyaa kudhaniif kadhadhee booda, ergaa Adventistii garee guddaa tokkoof bu'uura kiristaanummaa tokko malee yeroon hiruuf isaanis ergaa koo fudhataniiru. Kadhannaakootiif deebii argadheera. Galanni waaqayyoof hata'u! kun dhugabaatii koo isa guddaa kadhannaa guyyaa kudhanii booddee ture dha.

**Mata duree kadhata keenya: Hafuura waaqayoo barbaaduu/fedhuu**

Yeroo kadhannaa guyyaa kudhanii kan bara 2020, akka isin eebbaa Hafuura qulqulluu isa abdachiifamtan sana waliin akka wal-quunnamtaniif isin afeerra. Utuu gara samiitti ol hin ba'in fuldura, Yasuus waadaa kana nuuf seeneera: "Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhugabaatuu koo in taatu'' isaaniin jedhe (H E. 1:8)

"Amma kun karaa nuti ittiin humna argannu ta'ee jirutti, maaliif nuti kennaa hafuuraa kana hin beelofnu, hin dheebonnus? Maaliif nuti waa'ee isaa hin dubbannu, waa'ee isaaf hin kadhannu, dhimma isaas hin lallabnuu? Gooftaan warra isa tajaajilaniif, akkuma maatiin ijoollee isaaniif waan gaarii godhaniif sana caalmaatti gochuufiif fedhii guddaa qaba. Hafuuraan guyyaa guyyaatti cuuphamuuf tokkoo tokkoon hojjettootaa iyyata isaa gara waaqaatti dhiyeeffachuu qaba." (Ellen White, The Acts of the Apostles, p. 50).

Amma nuti dhangala'uu hafuura qulqulluu feenee fi waaqayyo jireenya keenya keessatti ija isaa akka baayyisuuf tole jenneetti isinis bakka jirtanii hirmaattuu sagantaa kanaa ta'uuf nu-quunnamaa!

**Qajeelfama yeroo kadhannaa**

- Kadhannaan kee gabaabaa haa ta'u. Mata duree tokkoof himi tokko lama qofti ga'aadha. Kana booda warra kaaniif dabaree kenni. Akkuma Kanaan dura kadhachaa turteetti kadhachuu dandeessa, akkuma nama haasaa haasa'uutti.
- Caljechuu hin sodaatin, akka nama hafuura qulqulluu dhageeffachuuf yeroo kenneefiitti dhageeffadhu/callisi.
- Akka hafuurichi isin ajajeetti faarfannaa faarfachuun eebba guddaa isa tokkoodha. Kanaaf piyaanoo isin hin barbaachisu.

- Yeroo kadhannaa gati-qabeessatti dhimma ba'uu irra caalaa waa'ee gaaffii kadhannaa keetii haasa'uudhaan, callisiidhuma kadhadhu. Warri kaaniis gaaffii kee kanaaf haa kadhatan akkasumas fedhakeetiif waadaa siif haa gaafatan.

**Waadaa gaafachuu**

Waqayyoo sagalee isaa keessatti waadaa baayyee nuuf galee jira. Kadhata keenya keessatti isaan akkanaa gaafaachuun Carraa guddaadha. Abboommiin isaa fi gorsi isaa hundinuu waadaa dha. Kadhannaa jechuun amantii keenya cimsuuf kan nugargaaru jechuudha. Kanaafiidha kan nuti akka waaqayyo waadaa isiniif gale kadhata keessan keessatti isa akka gaafattaniif isin jajjabeesinuuf. Atumti ija kee ol fudhadhuutii dadhabina kee wajjin gara Yasuus ilaali. Isa qabaachuu keenyaan, gara fakkeenya isaatti ni jijjiramna.

"Waadaan macaafa qulqulluu keessatti caafame hunduu kan keenyaa dha. Kadhannaa keessan keessatti, isa waaqayyo sagalee isaa keessatti waadaa siif seenee ture itti dabaliitii amantiidhaan isa abdachiifamte sana gaafadhu. Sagaleen isaa amansiisaa dha. Yoo amantiidhaan isa gaafatteef eebba hafuuraa hunduma isaa akka fudhattuuf waadaa siif galameera. Gaaffii kee itti fufi, amma gaafatte yookiin yaadde caalaa argachuu dandeessa." (In Heavenly Places, p. 71).

Attamitti waadaa inni siif gale isa gaafachuu dandeessaa? Fakkeenyaaf, yeroo nagaa keetiif kadhattu, Yoh.14:27 irra isa jiru fudhachuu dandeessa. Akkas jedha, "Nagaa isin biratti nan hambisa, nagaa koo isiniif nan kenna; ani akka biyyi lafaa kennuttan isiniif kenna miti, garaan keessan hin raafamin, hin sodaatinis!" Isa nagaa siif kenne gooftaaf galanni haa ta'u, hamma kana utuu nagaa hin qabdu ta'e asittis achittis nagaa hin qabdu.

**Soomii**

Yeroo kadhannaa guyyoota kudhanii kana soomii Daani'el soome akka soomtaniif isin jajjabeesina. Waggicha soomaa fi kadhannaadhaan jalqabuun jireenya keenya waaqayyoof wareegne kennuu waan ta'eef baayyee waan nama gammachiisuu dha. Ellen White yeroo dubbattu, "Ammaa kaasee gara fulduraatti hanga xumura baraatti sabni waaqayyoo amanamoota, baayyeen isaanii kan dammaqan ta'uu qabu, ogummaa isaaniitti kan hin hirkanne, garuu oggummaa geggeesaa isaaniitti kan amanan ta'utu irra jira. Guyyaa soomaa fi kadhataa addaan baasanii qabaachuu qabu. Guutuu guutummaatti nyaata dhiisuun hin kennamne, garuu nyaata salphaa nyaachuun dirqama." (Counsels on Diet and Foods, pp. 188, 189).

Waa'ee Daani'el ni beekna, isa guyyaa kudhaniif nyaata kuduraa fi muduraa nyaate. Nutis guyyoota kadhannaa kana keessatti akka isin nyaata salphaa kana nyaachuutti itti bartaniif isin jajjabeessina. Nyaata salphaa sukkaara hin makanne, nyaata warshaatti hin qophaa'in fi

dhugaatii lallafaa warshaadhaa hin ba'in kan fayidaa nuuf kennan akka fayadamtaniif isin jajjabeessina. 1ffaa, xiqqeessanii nyaachuu jechuun nyaata qopheeffachuuf yeroo muraasa fudhatanii gooftaa wajjin turuuf yeroo dheeraa fudhachuu jechuu dha. 2ffa, nyaanni keenya inni salphaan, daakamuuf garaacha keenyaaf baayyee salphata. Akkasumas sammuu keenya baayyee ifa isa godha. Sukkaarri sammuu keenya isa gara fuulduraa isa waa yaadachuuf handhuura ta'e akka dukkaneessu ni beekna. Yoo sagalee waaqayyoo dhaga'uuf sammuu qulqulluu qabaachuu barbaanne, yoo baayyifnee isatti siquu feene nyaati keenya isatti kan nu hin ittifnne ta'uu isaa mirkaneeffachuu qabna.

Soomii jechuun nyaata qofaa lagachuu jechuu miti. TV lagachuu qabna, viidiyoo, geemii garaa garaa, facebook fi youtubiin kanneen yeroo keenya dheeraa fudhatan mara jechuu dha. Waan hundumaa of-cinatti dhiisi, yeros gooftaa wajjin yeroo dheeraa qabaachuuf milkooftaa.

Soomiin karaa gabaabaa ittiin Waaqa bira dinqii argatan miti. Soomiin karaa ittiin mataa ofii waaqa duratti gaddeebisanii garaa cabaadhaan dhiyaatan yeroo ta'u inni immoo yeros nu-keessatti hojii isaa hojjechuu danda'a. "wantoota murta'aa ta'an qofaaf soomaa fi kadhati heyyamama. Harka waaqayyoo keessatti, karaa ittiin sammuu ofii fi laphee ofii qulqulleffatanii dha. Sababa lubbuu keenyaa isa ful-duratti gaddeebifneef gaaffii keenyaaf deebii arganna." (Medical Ministry, p. 283).

Mee mataa keenya isa fulduratti gaddeebifnee garaa guutuun, sammuu keenya guutuu fi humna keenyaan isa haa barbaaddannu. Akka inni caalchisee nutti siquuf mee nuti soomaa fi kadhataan baayyifnee isatti haa siqnu.

**Hafuura Qulqulluu**

Haala kam keessattis yoo ta'e jireenya nama kami keessatti attamitti kadhachuun akka nu irra jiraatuu kan nutti agarsiisu hafuura qulqulluu waan ta'eef tasuma isa gaafachuu hin dagatin. Macaafni qulqulluun nuti waan kadhannu akka hin beekne, hafuurri qulqulluun gidduu seenuudhaan kan nuuf kadhatu ta'uu isaa nutti hima.

Maqaa Yasuus duwwaadhaan kadhachuu hin qabnu, maqaa Hafuura qulqulluunis malee. Kun kan inni ibsu hafuurri qulqulluun gidduu seenee akka nu araarsuu, innis mullachuu kan hin dandeenye aaduu guddaadhaan nuuf kadhata. **Room. 8:26** *"Hafuurichis immoo akkuma kanatti dadhabbii keenyatti nu gargaara; nuyi maal kadhachuun akka nuuf barbaachisu akka ta'utti hin beeknu; hafuurichi garuu aaduu isaatiin karaa namni dubbiidhaan mul'isuu hin dandeenyeen nuuf in kadhata."* Kadhannaa akkasii kana Waaqayyo deebisuuf ni gammada. Yeroo nuti amanamummaa fi miira ho'aadhaan maqaa Yasuusiin kadhannaa keenya hafuura baafannu, miira ho'aa sana keessa waadaan kadhannaa keenyaaf hanga nuti gaafanneen olitti akkasumas

hanga nuti yaadnee olitti irraa hafaa godhee deebii nuuf kennuuf ni jira. Efesoon 3:20" (Christ's Object Lessons, p. 147).

**Amantii**

Hafuura raajii keessatti akka dubbifnu "Humna kadhannaa fi amantii kan caalu humni addaa biyya lafaa kana irra hojii hojjechuu danda'u hin jiru." (The Ministry of Healing, p. 509). Kadhannaa fi amantii qabnuun sana waaqayyo dhaga'ee akka nuuf deebisuuf ni jajjabeeffamna.

Kiristoos akkas jedha, "kadhadhu ni argattaa" sagalee kana keessa nuti kadhachuun akka nu irra jiraatuuf kallatti nuuf kenna. Akka mucaatti gadi of deebifnee fuula abba keenya isa Waaqaatti of dhiyeessuu qabna, kennaa hafuura qulqulluutiifis isa kadhachuu qabna. Yasuus ammas akkas jedhe, 'yeroo kadhattan, waan kadhattan sana akka argattan amanaa' cubbuu kee himachuudhaan qalbii diddirrattee gara Waaqayyoo akka dhuftu, ija cubbuu fi xuraa'ummaa nama keessaa duwwaa gochuudhaan akkasuma waada waaqayyo siif gale mirkaneessuuf carraa guddaan siif kennameera…sagalee waaqayyootti amanuu qabna; qormaati amalaa dhugaa isa amantii keessatti of-ijaaruu jedhu keessa jira. Karaa sagalee waaqayyoo siif mirkanaa'ee jira. Utuu waaqayyo akka si dhaga'u hin amanin fuldura Sochii dinqisiisaa eeguu hin dandeessu, miirri madaallii siif ta'uu hin qabu, miirri akkuma duumessaa jijjijirama…. Hanga lafa kana irra jirrutti gargaarsa waaqa irraa qabaachuu danda'uu qabna--- ani yeroo kumaatama waaqayoon qoree argeera. Ani amantiidhaanan deema, amanuu dhabuukootiin waaqakoo salphisuu hin fedhu." (Review and Herald, Oct. 11, 1892, par. 1, 3, 6).

Itti dabalee kan nutti himame "kennaa inni nu-abdachiise kamiifuu, isa kadhachuu qabna; akka argannu immoo amanuutu nu irra jira, isa arganneef immoo galata waaqayoof dhuyeessuu qabna" (Education, p. 258). Waan Waaqayyo siif gochuuf yaade fi attamitti isa inni kadhannaa kee deebisuuf jedhu hunda irratti amanttiidhaan isaaf galata galchuu amaleeffadhu.

**Namoota torbaaf kadhadhu**

Yeroo kadhannaa guyyaa kudhanii kana keessa akka isin karaa adda ta'een namoota torba warra isin isaan quunnamuun isin irra jiru "jireenya badhaadhinaa" keessa kan jiraniif akka kadhataniif isin jajjabeessina. Firoota keessan ta'uu danda'u, michoota, warra waliin hojjettan, olla, ykn warruma akka hiriyaatti wal beektan.

**Kadhannaa guyyaa kudhanii keessatti rakkina ala ba'anii tajaajiluu.**

Namni kam iyyuu karaa hirmaannaa amantoota hundaa waan tokko godhee dhufaatii gooftaa Yasuus ariifachiisuu ni danda'a.

"Beela'een ture, nyaata anaaf kennitaniittu; dheebodheen ture, 'dheebuu na baaftaniittu; orman ture, akka mana keessaniitti na simtaniittu. 36 Qullaa koo ta'een ture; daara na baaftaniittu;

dhukkubsadheen ture, na gaafattaniittu; hidhameen ture gara koo dhuftaniittu' jedhe." (Mati 25:35, 36).

Macaafa *Ministry of Healing)* jedhu irraa yeroo dubbifnu, ''Jireenya fuula lama qabu jiraanna jireenya yaadaa fi gochaa (thought &action), kadhannaa callisuudhaan kadhatan fi hojii garaa irraa fuudhatanii hojjetan" (p.512). Jaalala Yasuusiin warra kaan itti agarsiisuun nuuf carraa guddaa dha. Jaalala hedduu isaa fayyisaa keenya irraa fudhanneerra; isaaniin ofuma keenyaa qophaatti itti hin gargaaramnu. Jaalala isaa kana warra kaanii wajjin haa hirmaannu.

Kadhannaa guyyaa kudhanii kana booda ati fi waldaan kee attamitti ala baatanii akka tajaajiltan waaqayyoon akka gaafattaniif isin jajjabeessina. Hojimaata tokko yookiin baayyee isaa filadhu, guyyaa tokko immo filadhu, harka fi miilla Yasuus ta'ii argami. Akkuma hojii waan hundumaa ijaaraa jirtutti, dhimmoota hojii kee boodatti harkisan sagantaa kadhatakee diigan of-duraa maqsi. "yaaliin namaa lubbuu argachuuf dhama'u kadhannaa dhoksaadhaan ful-duratti deemuu qaba; ogummaa gudda attamitti lubbuu oolchuun akka danda'amu nama hubachiisa waan ta'eef. Namoota utuu hin quunnaminiin fuuldura, Kiristoosiin quunnami. Teessoo ayyaanaa duratti isa namootatti dhugaa ba'uuf jirtuuf qophii qabaadhu." (Prayer, p. 313).

Materials prepared by Ministerial Association, General Conference of Seventh-day Adventists.

Scriptures quoted from NKJV are from The New King James Version, copyright © 1979, 1980, 1982, Thomas Nelson, Inc., Publishers.

Scripture quotations marked ESV are from The Holy Bible, English Standard Version® (ESV®), copyright © 2001 by Crossway, a publishing ministry of Good News Publishers. Used by permission. All rights reserved.

## Hafuura Waaqayyoo Barbaaduu

**Guyyaa 1ffaa**

**HAFUURA QULQULLUU ISA NUTI FEENU**

“Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu isaaniin jedhe.” H.E 1:8

**Dhugabaatii**

Amma kun karaa nuti ittiin humna fudhannu ta’ee argametti, maaliif nuti kennaa hafuuraa beelofnee in dheebonnu? Maaliif waa’ee isaa hin dubbannuu, waa’ee isaas hin lallabnuu? Gooftaan maatiin ijoollee isaaniif kennaa gaarii isa isaan kennaniif caalaatti warra isa tajaajilan hundaaf hafuura qulqulluu isaanii kennuuf baayyisee fedha. Guyyaa guyyaatti hafuura isaatiin cuuphamuuf hojjetoonni hundinuu kadhata isaanii gara waaqaatti dhiyeeffachuu qabu.” --- (Ellen White, The Acts of the Apostles, p. 50).

Utuun barnoota koo digiirii, Ti’oloojiidhaan kollejjii dhaa hin xumurin fuuldura, macaafa “Dhoksaa argataniiru—*They found the secret* “jedhu namicha V. Raymond Edman jedhamuun kan barreefame dubbiseen ture. Macaafichi waa’ee namoota kiristaana lakkoofsaan 20 ta’anii jireenya isaanii kessatti gaaga’amni hafuuraa kan isaan muudatee ture garuu rakkinni isaanii kun gara jijjiirama isa dhugaatti kan isaan fide tokkotu dubbata. Kun oolee bulee jireenya isaanii irratti hafuurri qulqulluun dhangala’uu hordofsiise. Saba miliyoonaan gara kiristoositti kan fidan namoota ta’an, sababiin isaa hafuura qulqulluun guutamanii turan waan ta’eef. Akka abba manaatti/dhirsaatti of fudhadhee jireenya koo yeroon ilaaluu, abba haaraa fi nama dhiyootti paasterii ta’uuf deemu dha, akkas jedheen yaadannoo kitaabicha keessatti barreesse: “Hafuura qulqulluu dachaadhanan barbaada” hanga ani jijjiramuu fi hafuura qulqulluun cuuphamuu filannoo koo isa jalqabaa godhadhee kabachiifadhutti macaafa qulqulluu qorachuu, abboomamuu, sagalicha namootaaf hiruu fi kadhannaattan tura. Jireenya paasterummaa koo waggaa isa duraa keessatti, akkan qarshi -qabaa waldaa keenyaa nama dhukkuba kaanserii waliin jiruu wajjin haasa’uufan waamame. Akkuma macaafni qulqulluun jedhutti kadhanneefii dhadhaa ejersaa dibnee turre. Guyyoota gabaabduu keessatti gammachuun guutamee raawwatee dhukkoba kaanseriitti akka fayye nuuf qoode. Dhugaadha waaqayyo kadhata koo akka dhaga’u beekan ture akkasumas dhamaasuu koo mara isan isaaf jiraachuuf jedhu hunda akka hubatetu naaf gale. Atoo attami? Jireenya kee keessatti hafuura qulqulluu hin barbaaddaa?

# KADHANNAA GUYYAA 10



**Heertuuwwan macaafa qulqulluu ittiin kadhachuuf ta'u**

Phaa'uloos namoota 12nuu warra Efesoon yeroo gaafatuu, "Yeroo amantan hafuura qulqulluu fudhattaniittuu? isaaniin jedhe. Isaan immoo, Hafuurri qulqulluun akka jiru iyyuu nuyi hin dhageenye jedhanii deebisan" H E 19:2. Utuu si ta'ee attamitti deebiftaa? Namoonni efesoon akkas jedhan, "lakkii, Hafuurri qulqulluun akka jiru iyyuu nuyi hin dhageenye" jedhan.

- **Roomee 8:16**—yeroo hafuurri qulqulluun gara keenya dhufu, cubbuu keenya himannee kennaa fayyinaa karaa yasuus nuuf dhufe fudhanna. Ijoollee waaqayyoo waan taaneef yeros fayyuu keenya mirkaneeffanna.
- **Hisqeel 36: 25—27** ---- argamuun hafuura qulqulluu sammuu haaraa fi laphee haaraa nuuf laata. Yeros cubbuu keenya irratti mo'icha argannee amala haaraatti guddachuu keenyas argina.
- **Wangeela Yohaannis 7: 38,39** akkasumas Galaatiyaa 5:22,23 –yeroo nuti hafuura qulqulluun guutamnuu, iji hafuuraa—amalli waaqaa –akkuma bishaan jiraataa utuu nu-keessaa yaa'uu argina.
- **Hojii Ergamootaa 4: 13,31**—hafuurri qulqulluun yeroo nu faanaa ta'u akka dandeettii isaatti wangeela namoota baayyeef akka hirruuf nu kakaasee nu jajjabeesa.
- **Wangeela Yohaannis 16: 13** – akkuma hafuurrichi nu keessa buleen, beela wangeelaa fi jaalala wangeelaa qabaanna, yeros inni immoo gara dhugaa hundummaatti nu geessa. Kanaaf dhugaan waan akka tooftaa qabatamaa wayii utuu hin taanee amala kiristoosiin qabaachuudha, yasuus dhugaa waan ta'eef.
- **Roomee 8: 26,27**--- hafuura qulqulluun yeroo kadhannu, kadhannaa keenya keessatti humna guddaa fi malaallewwan hedduu deebii kadhata keenyaa argina.

Yasuus deebii isaa fuuldura kiristiyaanonni gareen lama akka jiran (Mat 25) keessatti dubbateera. "Yesus yommus, Mootummaan waaqaa durboota kurnan warra ibsaa isaanii fudhatanii, dhirsa misirroo simuudhaaf ba'an fakkaata." -- *Maati'oos* 25:1

Durboonni gowwoonni shanan sun dhadhaa ejersaa ga'aa hin qaban (argamuu hafuura qulqulluu; Zakkaariyaas 4:1-6 ilaali). Inni kun isaan nuti duuka buutuu kiristoosiitti kan ofiin jedhan garuu immoo akkas kan hin taane bakka bu'a. isaan bifa amantii qabu garuu namoota hafuuraa miti. Kanaaf yasuus akkana isaaniin jedhe, "ani isin hin beeku". Isaan warren shananuu ogeeyyii sun dhadhaa ejersaa irraa hafaa qabu ture. Hafuura qulqulluun kan guutamanii fi walitti dhufeenya dhugaa Yasuusii wajjin kan qabani dha.

# KADHANNAA GUYYAA 10



Bartoonni gooftaa, akka abboommii gooftaatti abboomamuudhaan, ol ba'uu isaa booda Yerusaalem keessatti hafan. "Yeroo isaanii hunda waaqayoon galateeffachaa mana qulqullummaa keessatti dabarsan" (Luqaas 24:53). Ala tokko tokko yeroo mana qulqullummaa keessa hin turin, mana isa ol-aanuu keessa turan. "Isaan kun hundinuu dubartoota tokkoo wajjin, Maariyaam haadha Yesus, obboloota isaa wajjinis yaada tokkoon kadhataaf of kennanii turan." (HE 1:14) Guyyoota kudhan booda hundumti isaanii humna hafuura qulqulluudhaan cuuphaman (HE 2), akkasumas bakka tokkootti namoonni lakkoofsaan 3,000 ga'an guyyaa tokkotti jijjiraman.

**Yaada kadhataa**

- Fuula kee duratti galata siif dhiyeesuuf dhufneerra, akkasumas mana qulqullummaa galataan ol seenna. Jecha ga'aa ittiin si jajjannu fi gochaa ati nuuf goote sana ittiin ibsinu tokko hin qabnu. Gammachuu fi garaa cabaadhaan galata keenya galata warra cubbuu hin qabnee kan ergamootaa, warra yeroo hunda siif sagadan sanatti daballee siif laanna.
- Ya waaqa, yeroo hunda dhugaa taatee, adaraa laphee koo jijjiiri. Cubbuuttii na qulleessi akkasumas hafuura kee akkan argadhuufis na qopheessi. (Faarsa 51:7, 10).
- Ya-Gooftaa, adaraa qulla'ummaadhaaf daddamaqiinsa dhugaa isa ija hafuuraatiin mallataa'ee sabakkeetiif ergi. (Gala, 5:22,23)
- Hafuura qulqulluutiin nu cuuphitii humna isa ittiin wangeela addunyaa dukkanooftuu kana keessatti baddetti ittiin lallabnu nuuf kenni. (HE 1: 5-8)
- Yaa Gooftaa araara kee maatiikootiif, michootakootiif, warran wajjin hojjedhuuf, ijoollee kutaakootiitiif kenni. Isaan oolchi, bara dhumaa kanatti si wajjin akkan hojjedhuuf nagargaari. (Maati, 28:19,20)
- Paasterota, barsiisota, hojjettoota wangeelaa, fi bulchitoota waldaa keenyaa humna hafuura qulqulluutiin isaan eebbisi. (1Ximo. 2:1-4)
- Ya kabajamaa Gooftaa, adaraa araara kee warra miidhaman, warra ari'atamanitti agarsiisi, eegumsaa fi harka warra isaan miidhuu barbaadanii isaan oolchi. (faarfannaa, 91)
- Adaraa, lallabi wangeelaa dhibbantaa fi kumaatamatti lakka'aman bara 2020 addunyaa kana keessatti hojjetaman hunda eebbisi. Addumaan hirmaannaa amantoota hundaa fi dhama'iinsa wangeelaa Papua New Guinea keessatti ta'u eebbisi.
- Daddammaqiinsa hafuuraa waldaa Adventistii Guyyaa 7ffaa keessatti ta'u, dargagoota kolleejii mootummaa jiranii fi yuunvaristii addunyaa guutuu irra jiraniif si kadhanna. Kiristoosiif bakka buutoota jajjaboo haa ta'aniif si kadhanna.

- Dhibbantaa 69tti kan tilmaamaman baayyina uummataa warreen lallaba Yasuus isa dimimmisa hin qabne sana hin fudhatin jiraniif si kadhanna.
- Saba miliyoona 62 ta'an biyya Soviet Union, magaaloota 28 tarreeffamanii argamaniif si kadhana.
- Dura buutoota dargagoota addunya kana keessa warreen jiran amanamummaadhaan aadaa keenya dhaloota dhuftutti kan dabarsan: kiristoosiif adda kan of baasan, ergama waldaa Adventistii Guyyaa torbaffaaf, akkasumas geggeessitoota waldaaf si kadhanna.
- Goofta, namoota toora kadhannaa dhuunfaa keenyaa irratti caqafamanii jiran torbanuuf si kadhanna. Hafuurri qulqulluun jireenya isaanii keessatti haa hojjetu.
- Kadhannaa walii galaa:

**Faarffannaa filatame**

**Guyyaa 2ffaa**

**DHUGABAATII HAFUURA QULQULLUU**

“Inni yommuu dhufu waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa, waa'ee firdiis, biyya lafaa in hubachiisa.”—wangeela yohaannis 16:8

**Dhugabaatii**

Hafuurri qulqulluun eenyummaa qaba, nuti ijoollee waaqayyo akka taane hafuurichi hafuura keenyaaf dhugaa nuuf ba’a. Dhugaba’umsi kun yeroo jalqabu, ragaa mataa isaa danda’e ni qaba. Yeroo akkasii sanatti amanuu fi ijoolee waaqaa ta’uu keenya mirkaneeffanna. (Ellen White, Evangelism, p. 616).

Hafuurri qulqulluun jireenya keenya keessatti karaa sadiin hojjeta (W. Yoh. 16:8-11).

1ffa, Cubbuu hojjechuu keenyaan yakkamtoota ta’uu keenya nu amansiisee gara yasuus kiristoositti nu fida.

2ffaa, Yakkamaa turre garuu tola kiristoosiin fayyuu keenya, innis nu-fayyisuuf ga’aa ta’uu isaa nutti hima.

3ffaa, Jireenya keenya keessaa seexanaa fi cubbuu baasa. (Yohn 16:11).

Maatiin koo ijoollee isaanii ja’anuu qabatanii (ani isa shanaffaa dha) macafa qulqulluu fi waaqatti amanuuf ka’anii turan. Warra mo’aniif samiin akka jiru, warra kufaniif immoo si’ol akka jiru barannee turre. Hata’u iyyuu malee, walitti dhufeenya waaqaa hin qabnu ykn amanamummaa isaa hin hordofnu. Obboleessi haadhakootii, eessummni koo, nama Adventistii guyyaa torbaffaa taate tokko fuudhe. Gaaf tokko eessumni koo Harold Haadha manaa isaa ishee reefuu fuudhu kanatti isheen sanbata isa dhugaa kabajamuu qabu kana eeguun akka irra hin jirre waan argatee ture itti lallabe. Qorannoo hedduun booda sanbatni dhugaan macaafa keessatti argamu sanbata-duraa akka ta’etu hubate. Dhiyoo kana Harold cuuphamee miseensa waldaa Adventistii Guyyaa 7ffa ta’e.

Yeroon isaa yeroo ga’u Harold amantii isaa maatii keenya waliin qooddachuudhaan akkasumas ilaalcha ani qabu sanatti dhufee, ani karaa ittiin dhugaa sanbataa macaafa keessatti argamu sobsiisuu hin dandeenyeen ture. Garuu Sanbata eeguu hin jaalladhuun ture. Karoora ani karoorfadhe gargar waan na duraa kukkutuuf hin jaalladhuun ture. Yeroo yeroon isaa ga’ee hafuurri qulqulluun na amansiise ani nama cubbamaa badiisaaf sammuu fi lapheen koo

hidhamee jiru ta'uu isaa na amansiise. Waaqayyoon hordofaa akka ani hin turre nan beekaa, akkasuma akkan hin fayyinees beekan ture. Yeroo sana xalayaan eessuma koo Harold biraa naaf dhufe, samiin maal akka fakkaattu macaafa qulqulluu keessaa naaf ibsee ture. Ibsa inni waa'ee samiitiif naaf kenne ergaan dhaggeeffadhee booda, jireenya koo guutuu waaqayyoof kennuuf hawwiin jabaan na keessa bule. Kanaaf sagalee waaqayyoo ifaadhumatti akka nama natti aanee taa'ee haasa'uu lapheekootti utuu inni dubbatuun dhaga'e. "Jireenya kee guutuu naaf kennuu ykn dhiisuu" yeroo inni jedhu sodaa guddaan naqabate. Ani samii wantoota ardii kanaatiifan daldalaa ture, teessuma koo irraa ka'een gara kutaa kootiitti darbee cufaa na cina jiru gaddeebise. Siree koo cina jilbeenfadheen yeroo jalqabaaf laphee koo irraa isa kadhadhe. Maal jechuu akkan qabu baruuf wal'ansoo qabaan ture, garuu oolee bulee unuman kadhadhe, "Ya jaallatamaa Yasuus, maal akkan ta'uu qabu sanan ta'uu barbaada. Wanta ati naan hojjechuu barbaadduu sanan hojjechuu barbaada, akkasumas bakka ati na erguu barbaaddu sanan dhaquu barbaada."

Ariitiidhaan kadhannaa sana keessatti kanan jedhee kadhadhe, qaama koo irraa akka waan waa haxa'amee badee natti dhaga'ame. Jireenyi koo inni dur aarii fi dallansuun guute sun na dhiisee, jaalala, nageenyii fi gammachuun waaqaa laphee koo guute. Waaqayyo kadhata koo akka dhaga'e nan hubadhe, maal gochuu akkan qabus nan bare. Bakkan jillbeenfadhee turee ka'ee gara armeekootii dhaqeen misiraachoo itti hime, ammaa eegalee Yasuusiif jiraachuu fi sanbata eeguus akkan jalqabu. Maddii ishee irraa imimmaan gammachuu in roobe. Guyyoota muraasa keessatti wantota biyya lafaa wajjin walitti kan na hidhu cubbuudhaan qoramuun eegale. Namoonni muraasni murtoo koo hin hubanne ture, karaan duraan ture sun hanga yoonaatti ifaa hin turre, garuu yaadni koo qulqulluu dha, gammachuun jireenya koo dhuunfateera! Gara xumuraatti pasterii waldaa Adventistii tokkoo waliin yeroon qoradhu, waaqayyo jireenya kootiif fedha attamii akka qabun hubadhe. Xumura irratti cuuphameen miseensa waldaa Adventistii Guyyaa Torbaffaa ta'e. Murtoon ani fudhe murtee hundumaarra caaluu ture!

**Heertuu macaafa qulqulluu ittiin kadhachuun nuuf malu**

- **Yohannis 16:8—11** -----cubbuu keenyaa nutti himee gara Yasuusitti nu fiduun hojii hafuura qulqulluuti.
- **Roome 3:10,23** ---tolaan tokko illee hin jiru, hundumtu yakkaniiruu galata waaqayyoos dhabaniiru.
- **Roome 6:23**--- gatiin cubbuu du'a, garuu kennaan waaqayyoo jireenya barabaraa karaa yasuus kiristoosii dha.

- **Yohannis 3:16**--- Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya barabaraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!
- **Efesoon 2:8, 9**— Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti; hojiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti.
- **1 Yohannis 5:11-13** --- Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu. Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe.
- **Roomee 8:16---** Hafuurri Waaqayyoo hafuura keenyaa wajjin walii galee, ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya dhugaa in ba'a.

Guyyoota hundummaatti, akkuma nuti gara yasuusitti deebi'uu fi kadhannaatti jabaannuun, dhiifamaa fi ayyanaa isaa fudhanna. Akkuma ijoolleen Israa'el ala ba'anii maannaa funaannachaa turan, akkasuma walitti dhufeenya keenya Yasuusii wajjin qabnu guyyaa guyyaatti haareffachuu qabna, kana buddeenni jireenyaa (Yoh 6:58). Hafuurri qulqulluun yeroo jireenya keenya keessa socho'u, cubbuu keenya waaqayyootti himanna, tola yasuusiin ofitti fudhanna, qorumsa seexanaas injifanna (Gala.5: 16)

**Kadhannaa kadhatamuu qabu**

- Yaa ulfaataa abba isa waaqa irra jiraattuu, ani cubbamaa ta'uu koo nan beeka. Akkuma waadaa naaf galte sanatti adaraa cubbuu koo hundumaa naaf dhiisi (1 Yoh 1:9). Galatoomii! Atoo itti dabaltee iyyuu yoon gooftaa yasuusiin akka fayyisaa lubbuu kootiitti amanee fudhadhe, jireenya bara baraa naaf kennuuf waadaa naaf seenteetta. Har'a Yasuusiin nan filadha. Akkasitti taa'ee Yasuusiin eeguu hin qabu!
- Yaa kabajamaa Yasuus, ani bakka hafuurri qulqulluu buufatu keessa deemuun barbaada yeros faara seexanaa fi hafuura xura'aa qoruu danda'a. Qorumsa isaanii hubachuu fi ofi-irraa qolachuuf humna kee naaf kenni. (yaaqoob, 4:7)
- Yaa Goofta, Ani amma fayyinakootiif si-amanachaan jira. Jireenyi koo lubbuu bade ture gara keetti ha-arkisuuf jireenya gammachuu fi nagaa amansiisaa naaf kenni.
- Yaa ulfaataa abba koo, guutummaa waldaa addunyaa kana keessa kan jiran amantoonni maqaa amantii qofa qabu. Yasuusiin hin beekan ayyaana isaa isa fayyisus. Adaraa hafuura kee isa cubbuu isaanii hubachiisee gara Yasuusitti isaan fidu sana isaaniif ergi.

- Gooftaa, hidhaa hafuuraa fi sammuu keessa kan jiran akka ati cubbuu fi boojuu isaan keessa jiran keessaa isaan baaftuuf si kadhanna.
- Gooftaa, barattoota waldaansoota (waldansianse) har'aa, warra bakka rakkisaatti siif tajaajiluu danda'an kaasi.
- Adaraa jannoota deemanii ergaa kee labsuuf of-kennan garee 746 biyyoota 20 giddu gala ba'aa keessaa hojjetanitti dabalamuuf kan fedhan kaasi.
- Sochii ergaa wangeelaa 1000 ta'an diviiszinii naannoo Kaaba Eshiyaa-paasfik jiraniif si kadhana. Dargaggoonni kun hojii waaqayyo haa hojjetaniitii humnakeen isaan guuti.
- Saba Miliyoona 202 ta'an magaalota 41 tarreeffaman diviiszinii kibba Eshi'aa-paasfik keessa jiran Yasuusiin haa beekaniif si kadhanna.
- Dargaggoota Yasuusiin faallaa jiraachaa jiran karaa toora ittiin dargaggoota barbaadan ergama wangeelaa wagga tokkoo (one year in mission) jedhamuu fi ergama wangeelaa kaaleb (mission caleb) jedhamuuf si kadhanna.
- Maqaa namoota torbaa ykn isaa olii akka kadhanuufiif nu harka jiruuf si kadhanna.

**Guyyaa 3ffaa**

**MO'ICHA KARAA HAFUURA QULQULLUU ARGAMU**

"Ani garuu, Hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha foonii hin raawwatinaa! nan jedha." Gala 5:16

**Dhuga baatii**

"Jireenya yasuus keessa gowwoomsaa seexanaaf kan deebii/iddoo kennu wanti tokko hin jiru. Cubbuu wajjin tasumaa walii galee hin beeku. Yaadaanis ta'e gochaan qorumsa seexanaaf harka kennee hin beeku. Inni nu wajjiniinis jira. Namummaan kiristoos waaqummaa isaa wajjin wal-ta'uudhaan; lola seexanaa sanatti jabinaan kan inni ba'e hafuurri qulqulluun waan keessa buleefii dha. Gara keenya kan inni dhufeef hirmaattota waaqummaa isaa (divine nature) akka qabaannuufii dha. Kanaaf nuti caalchifnee amantiidhaan isaa wajjin ta'uu qabna, cubbuun Kanaan booda nu irratti raawwatee haboo hin qabaatu. Waaqayyo harka isaa karaa amantii nu keessa galfachuudhaan akka nuti waaqummaa kiristoos ofitti fudhannu godha, yemmus qulqullummaa amalaa qabaachuu dandeenya." *The Desire of Ages*, p. 123).

Jerryn hojjetaa jabaa ture. Yeroo bara jireenya dargaggummaa isaa hojii sibiilaa, ijaarsa riqichaa, fi gamoo dhedheeraa hojjechaa ture. Inni dargageessa faana (feet) 100 ol sibiila qalloo irra ol-ba'ee sibiila kan biraa itti baqsuu nama danda'uu dha. Jerryn nama dandeettii kan biraa qabu nama jabaa dha. Inni qaama isaa alkooliidhaan, timboodhaan, qoricha nama adoochaniin, ejjummaadhaan fi jireenya bineensa caakkaa jiraataa ture. Yeroo namni kiristaanni tokko dhufee hojii hojjetu, jeeryn qaamaanis ta'e jechaan isa loluudhaan hojii keessaa akka inni ba'uuf gochaa tureera. Jerryn kiristaanummaa fi kiristaana hin jaallatu.

Jerryn waggaan isaa shantama (50) yeroo ga'e, dhiphachutti ka'e. Gaaf-tokko jireenya isaatti xumura gochuuf murteessee ture. Of-ajjeesuuf gara manaatti utuu deemaa jiruu, mallattoo waldaa Adventistii gyyyaa torbaffaa tokko karaa guddicha cinatti arge. Hafuurri qulqulluun yaada tokko mataa isaa keessa kaa'ee, "Tarii na gargaaruu ni danda'u" kan jedhu yaade. Kana booda jerryiin akka barataa mana barumsaa waldaa sana keessaa adabbiidhaaf ala ba'ee dhaabatuutti konkolaataa isaa bakka konkolaataan dhaabbatutti achi butee ergaa dhaabbatee booda, qindeessaa mana barumsichaatti siqee, akka nama gargaarsa barbaaduutti itti guungumee isa gaafate. Qindeessaan mana barumsichaa lakkoofsa bilbila kootii jerryf kennee akkas ittiin jedhe, "kun lakkoofsa bilbilaa paasterii keenyaati. Mee itti bilbili." Galgala sana yeroo jerryn bilbiluu, dhiphina guddaa keessa akka jiru, yoon danda'e akkan isa gargaaruuf na gaafatee ture. Jaarsa tokko waammadheen galgaluma sana wajjin gara mana isaatii deemne.

# KADHANNAA GUYYAA 10



Jerryiin waan hunduma isaa nutti himee ergaa jedhee itti dabalee, “Ani namni dadhabaan attamitti paasteriin tokko mana koo akka seene amanuun na rakkisa” jedhe. Waanta addunyaa kana irra jiran mara saalfii tokko malee akka rawwachaa ture garuu waan godhe kanatti akka itti hin quufin, sababa kanaaf jireenya isaatti xumura gochuu akka barbaadu dubbate. Akkanan ittiin jedhe, “Jerry, ati waan hundumaa yaalte hin argine sababiin isaa Yasuusiin yaaltee hin argine wan ta’eef. ““Dhugaadha, jedhe akka seequu wa’ii ta’ee,” anoo isa yaalee hin beekuu jedhe. Kanaaf isa yaaluudhaaf maal gochuun qabaa? Jedhee gaafate. Ergaa wangeelaa isa salphaa ta’e ergaan isaaf qoodee booda gaaffiin gaafadhe, “Akka ati Yasuusiin gara jireenya keetiitti hin fudhannef sababni biraan jira ta’aa?” Jerryiin deebisee, lakkii, sababiin isaa yoo inni galgala kana waan tokko naaf godhee hin argamne, ani dhaqeen jireenya koo balleessa” jedhe.

Jerryiin akka inni nu wajjin jilbeenfatuuf affeerre, wannan kadhadhu na boodaan irra debi’ee akka inni jedhuufan isa gaafadhe. Egaa ergaa ameen jennee xumurree booda, “Jerryiin irree koo qabee ofitti na butee akkas jedhe, “sana argiteettaa?” jedhe “malan argaa?” jedheen gaafadhe. Gaarii akkuman ameen jedheen; ija koo banadhee yeroon ilaalu nama fuulli isaa hammeenya hojjechuuf jedhu fakkaatu tokko mataa koo irra utuu inni naanna’uun arge, sana booda karaa bantii manaa cullux jedhee utuu inni baduun arge. “sana booda nan fayye, dhuguma nan gammade. Bara dheeraa ammana ga’u keessatti yeroo kamiinuu gammachuun haganaa natti dhaga’amee hin beeku. Malan ta’ee jiraa?” yeroon ibsu, “Jerry, Yasuus gara jireenya keetii dhufee cubbuu kee akka siif dhiisuuf isa gaafachuu qabdan jedhe. Inni amma laphee kee keessa jira. Hafuurri hamaan ati argite sun lubbuu kee balleesuuf yaalee ture, garu Yasuus afuufee isa balleesse.

Galgala kana gammachuu guddaan mana Jerryii guute, kanaaf amma Jerryiin rafuu hin dandeenye. Qoodaa dhugaatii sana hunda, kan qorichaa, gaazexaa garaa garaa fi waan hunda cubbuudha jedhamu mara gadi baasee gate. Peestaaliitti isa hidhee meetira jaha qotee bakka biqilaa itti guddifatu sana keessa owwaale. Guyyaa lammaffaatti biqilaa tokko bitee mataa waan owwaale sana irra dhaqee dhaabe. Yeroon dhaqee isa ilaaluu mukicha natti agarsiisee akkas naan jedhe, pasteer, boolli huraan lafa jalaa sunii fi biqilaan haaraan sun jireenya koo bakka bu’u jedhe. Jerryiin inni dulloomaan owwaalameera, mukti ija gaarii godhatu mukti haaraan sun imoo Jerry isa haaraa bakka bu’a sababiin isaa ani amma jireenya haaraan jiraadha wanan ta’eef!”

**Heertuuwan macaafa qulqulluu irratti kadhannu:**

- **Yohaa. 16:8-11** --- nu amansiisee gara Yasuus kiristoositti nu erguun hojii hafuura qulqulluuti.

- **Hisqee. 36:25, 26** --- garaa haaraa, yaada haaraa fi jireenya haaraa akka qabaanuuf abdachiifamneera.
- 2 **Qoronto. 5:17**— eenyu illee yasuus kiristoosii wajjin yoo ta'e inni uumama haaraa dha. Inni moofaan darbeera.
- **Yohaa. 8:36** – dhugaan karaa yasuus kiristoos birmadduu isin baasa.
- **1 Tasalon. 4:3**—cubbuu irratti mo'icha akka qabaattaniif fedha waaqayyoti.
- **Roome. 6:14**— cubbuun ammaan booda isin irratti aangoo hin qabaatu.
- **Maati. 5:29, 30**— waan cubbu akka ati hojjettuuf si godhutti fagaadhu.
- **Roome. 12:21**— namoota hamaa hojjetanii fi wantoota hamaa ta'aniif ati immoo waan gaariin deebisiif.
- **Galati. 5:19-26**— fedhi foonii inni hamaan ija hafuuraatiin bakka buufama.

**Yaadawwan kadhata keessa galuu qaban:**

- Yaa ulfaataa gooftaa, humnakeetiin cubbuu koo hundumaa mo'uun fedha kee akka ta'e nan beeka. Adaraa egaa hafuuraakee qulqulluun akka na guuttuuf gara dhugaa hundumaatti akka na geggessituf sin kadhadha. (Yoh. 16:13)
- Maqaa Yasuusiin karaa dhiiga isaatii, seexanaa fi hafuura hammeenyaa jireenya koo keessa nan ifadha. Adaraa, Yasuus jireenya koo fi mana koo keessaa haxaa'ii baasi. Tolii kee fi dhugaan kee qofti na keessa ha-bulu.
- Kabajamaa abba koo hafuurakee qulquluun jireenya koo guuti. Hafuurri kee karaa koo anga harraatti warra cubbuutiin okkolaa jiranitti dhugaa akka ba'uuf cancala isaanii cabsanii gara Yasuus ha-dhufaniif hafuurakee naaf ergi.
- Yaa goofta, obsaa fi garraamii akka taanuuf nu gargaari, warra nu aarsanii fi nu himatanitti jalala akkasumas isaaniif gadduu kee itti agarsiisi.
- Warra dulloomanii fi maatii dhukkubsatan kan kunuunsaa jiraniif si kadhanna. Obsa, jabina fi jaalala isaaniif kenni.
- Gooftaa, sodaa warra gar malee dhukkubsachaa jiranii yaadadhuutii obsa kenniif. Jajjabinaa fi nagaa Yasuus isaaniif kenni.
- Tokkoo tokkoo Muummee barumsa sanbataa fi dhugabaatii dhuunfaa waldoota kiristaanaa akka isaan tajaajila jaalalaan guute, qorannaa macaafa qulqulluu fi dhuga baatii dhuunfaa qabaataniif si kadhanna.
- Akkuma HE 1:8 irratti cuuphaa hafuura qulqulluu abdachiifte dargagoota fi geggeesitoota dargagoota ta'aniif si kadhanna. Akkasuma eebba waaqayyo dargaggoota warra nama 20 gara isa fidan irratti akka dhufuuf si kadhanna.
-

- Yaa goofta, tooftaa ittiin yeriikoo addunyaa kanaa jigjigsan, ergaa ergamoota sadanuu fi magaalota hundumaa keessa kan jirtu Rahaabiin gara fayyina kiristoositti akka fidduuf si kadhanna.
- Adaraa kadhannaa guyyaa 100 kana eebbisi (Guraandhala 27- Adooleessa 4) filannoo wagga shanii GENERAL CONFERENCE tiif, ogummaa fi lammata deebii keetiif kadhachaa yeroo nuti jirruu kanatti hafuura kee nu irratti dhangalaasi.
- Warra maqaan isaanii nu bira jiru nama torbaa sanaaf si kadhanna.
- Kadhannaan addaa irratti kadhatamu kan biraan yoo jiraates:

**Guyyaa 4ffaa**

## CUUPHAA HAFUURA QULQULLUU

"Isaanii wajjin utuu jiruus, Abdii abbaan koo isiniif kenne, isa ani isinitti hime sana eeggadhaa malee, Yerusaalemii hin ba'inaa! jedhee isaan abboome. Itti dabalees, Yohannis bishaaniin cuuphe, isin garuu guyyaa baay'ee utuu hin turin hafuura qulqulluudhaan in cuuphamtu jedhe."

**Dhugabaatii**

"Yeroo cuuphaa hafuura qulqulluu fudhattu jireenya hanga ammaatti ati jiraatte irra caalaa, fayyuu keetiif gammachuun kee hagam akka ta'e hubatta." (Ellen White, Manuscript Releases, vol. 5, p. 231).

Nama dhukkuba hin fayyineen qabamee du'uuf jedhu tokko argeen ture. Jaalala waaqayyootti, ayyaanaa isaatti isa jajjabeeseen isaafis kadhadheen ture. Garuu akkuman mana isaatii ba'een taatee sana keessatti baayyee humna dhabeen ture, kiristaanonni akka kootiis hammam akka isaan humna dhaban natti dhaga'ameera. Jireenya koo fi jireenya kiristaanoota kan-biroo bara kakuu haaraa keessa turanii wajjin yeroon wal-bira qabuu baayyee nama naasisa. Ergaan nama kana daawwadhee deebi'ee booda eenyummaa hafuura qulqulluu macaafa qulqulluu keessaa qorachuun eegale. Heertuu 273 afaan Girikiitiin hojiin hafuura qulqulluu maal akka ta'e qoradheen heertuun 2000 ol kan ta'an dhimma kanaa irraatti barreeffama Ellen White wajjin tokko akka isaan ta'anin argadhe.

Seenaa Macaafa qulqulluu keessatti yeroo baayyee ragaa humni hafuura qulqulluu isaan irra bu'e kan jedhu arganna. Galgala gaafa jimaataa tokko naannoo sa'a 10:00 keessa wagga saddet (8) kan taatuu mucaan durbaa keenya haadha ishee waamuuf ala baatee turte. Haati manaa koo gara mucaa keenya kana akka deemteen, gara biiroo kootii deemee kadhachuu akkan qabun murteesse. Akkuman kadhachaa jiruun humni Yasuus manicha akka seenetu natti dhaga'ame. Humna guddaa fi fedhii guddaadhaan hafuurri isaa jireenya koo keessa akka buluufan isatti dubbachuu eegale. Amma ani Yasuusiin balbala waldaa kootii duratti harka isaa isa mismaarri hure gatiitti tokkoo tokkoo amantootaa jaalalaa fi ulfina guddaadhaan irra kaa'ee baga nagaan dhuftan jedhuun arge. Saba koo in jaallattaa? jedhee Yasuus na gaafate. Eeyyee nan jaalladha jedheen deebiseef, garuu muraasa isaanii tokko jaallachuun baayyee ni ulfaatan jedhe. Cubbuu koo himachuu akkan eegaleen immimmaan na irra dhangala'uu jalqabe. Torban hunduma lallabuuf yeroo ani gara waltajjiitti ol ba'u miilla Yasuus isa mismaaraan cinqaarame argeen ture. Yasuus akkas jedhe, "Ani cubbuu isaanii isaaniif dhiisuudhaa fi isaan fayyisuufan saba addunyaa kana irra jiraniif du'e. onnee kee guutuudhaan torban dhufu hundumaa saba badaa jiran kanatti wangeela lallabaa jirtaa? Akkas jechuun danda'a, ariitiidhaan warra badan

fayyisudhaaf wangeela lallabuun fedha koo ture, garuu gargaarsa isaa akkan hin argatin jirutu natti dhaga'ama. Akkuman cubbuu koo isatti himachaa jiruun imimmaanni fuula koo irra lola'a. Gonfoo qoraattii nyaara isaa gadi dhiibaa jiru nan argaan ture. Sagalee yasuus "Ani hamma du'a fannoottan mataa koo gadiqabe, galata namaa ni barbaaddaa?" Ani galata nama irraa hin barbaaduu nan jedha ta'a, garuu ofumaan dafqa buusee oftuulmaan kadhadha. Amma iyyuu raawwatee akka inni naa wajjin hin jirree fi na dhaga'aa hin jirretu natti dhaga'ama, taanaanis imimmaan koo ammayyuu garmalee dhangala'a. Akka tasaa Yasuus uffata isaa gara moggaatti yeroo harkisuu, cinaacha isaa isa eeboon waraanen arge. Akkas jedhe, "Isaan gara koo dhufan ani darbadhee isaan hin gatu"

Jaalala guutuu fi gooftaan guutuu guutummaatti akka na fudhate, waan Kanaan dura natti hin dhaga'amiintu natti dhaga'ame. Mullata sanaan ergaan dhagna ho'ifadhee booda yeroon haadha manaa koo dhaggeeffadhu isheen sadarkaa mana jalaa sana irra gadi deemaa jirti. Yeroon sa'atii ilaaluu walakkeessa halkanii keessaa 12:00 ta'eera. Sa'atiin lama akka daqiiqaa tokkoo natti taate. Maal keessa akka ture dubbachuuf itti hin qophoofne, kanaaf gara siree kootiitti deebi'een balbala cufadhee yeroon jedhu haati manaa koo akkan hirribaa dammaqee jiru amma iyyuu hin argine. Kutaa sana ol seentee akkas jettee na gafaatte, "Maal taate?" ani immoo "Maal jechuukee dha?" jedhe. "Nan beeka waa taate jirta" jette. Dubbachuu nan danda'aan jedhe. Tole," Maaltu ture?" jette. Kanaan booda wanta ture hunda isaa isheettan hime. Yeroo kana haati manaa koo battaluma sanatti kuticha gadi lakkiftee gara gorduubaatti gadi baatee kadhachuu eegalte. Isheenis eebbifamuu akka barbaaddu waaqayoon utuu kadhattuun dhaga'e.

Guyyaa itti aanuu, guyyaa sanbataa, lallaba koo keessatti yeroon dubbadhu humni waaqayyoo natti dhaga'ama ture. Gaafas namoonni baayyeen Yasuusiin fudhachuuf murtoo godhanii turan. Sana booda namni tokko akkas jedhee na gaafate, "Galgala kaleessaa maal taatee jirtaa?". Ajaa'iba, "Maaliif sana na-gaafatte?" ittiin jedhe. "Nan beeka kaleessa waan tokko taatee akka turte. Yeroo baayyee Kanaan dura lallabaa turte irra caalaa ifa tokko fuula kee irrattan argee ture." Yeroon maal akka ture itti himuu, "Dhuguma gooftaan si yaadateera" naan jedhe. Waggaa sana keessatti lubbuu 37 kan ta'an Yasuusiif ofkennan. Waggaa sana, galgala gaafasii irraa eegalee, namoonni dhibbantaan lakka'aman Yasuusiin fudhachuuf murtoo godhatan. Maqaan gooftaa yasuus bara baraan haa galateeffamu.

**Heertuu macaafa qulqulluu kadhannaaf ta'u**

**Luqaa. 3:21, 22** – ergaa cuuphamee booda, hafuurri qulqulluun akka isa irratti bu'uuf Yasuus kadhate.

**H E 1:5-8**— yeroo hafuurri qulqulluun isin irratti gadi bu'u yeros humna inargattu.

# KADHANNAA GUYYAA 10



**H E 2:1-4**— hundumti isaanii iyyuu hafuura qulqulluun guutamanii turan akkasumas afaan addaa addaatiin dubbachuu eegalan.

**H E 4:31**—waldaan jalqabaa hafuurri waaqayyoo akka isaaniif dhufuuf akkuma kadhataniin humna argatu ture.

**H E 8:15-17—**maqaa Yasuusiin cuuphamaa turan, garuu hafuura qulqulluu barbaadu.

**Luqa. 11:11-13**— cuuphaan hafuura qulqulluu kan inni kennamu warra kadhannaadhaan isa barbaadaniif qofa laatama.

**H E 5:31, 32**— warra abboomaman qofaaf hafuurri qulqulluun laatama.

**Yaadawwan kadhata keessa galuu qaban:**

- Ya jaallatamaa abbaa koo, adaraa kee cuuphaa hafuura qulqulluu isan ittiin jiraadhuu fi siif hojjechuu jaalladhu sana naaf kenni.
- Biyya lafaa kana irratti bakka bu'aa kee ta'uun hawwakooti ya gooftaa Yasuus, hafuura qulqulluu akkan fudhadhee jaalala ati sabakeef qabdu akkan qooddadhuuf adaraa laphee koo qopheessi.
- Gara dhugaa hundumaatti na geessi yeros waan ija kee duratti gaarii ta'e hundumaa akkan godhutti. Maal akka na barsiisuu barbaaddee fi maal akka naaf qooduu barbaadde hafuurri kee qulqulluun natti ha mullisu. Jabinni amantii kootiitiif dadhabbiin koo hunduu yaada kee keessaa kan madde mallee akka yaada koo hin ta'in.
- Namni nuti jaallannu tokko kan amantii irraa sigigaate si wajjin deemuun maal akka fakkaatuu haa baruuf akkasumas gara keetti haa deebi'uuf si kadhana. Jaalalli kee fi dhiifamni ati gootu itti haa dhaga'amuuf ykn haa fudhataniif isaan gargaari.
- Yaa gooftaa, hojii kee bakka rakkisoo jiran sanaaf eegumsa akka gootuuf si gaafanna.
- Saba miliyoona 16 magaalota ja'anuu maqaan isaanii tarreeffamee jiru keessaa diviszinii kibba paasfikiif si kadhanna. Amantoonni Cuuphaa hafuura qulqulluu guyyaa guyyaatti haa cuuphamaniif, jaalalaan ba'anii saba dhugaan bira hin geenye bira akka ga'aniif si kadhanna.
- Saba miliyoona 406 ga'an magaalota 105 keessa jiran Diviszinii Kaaba paasfikii bira attamitti akka ga'aniif gargaarsa hafuura qulqulluuf si kadhanna.
- Adaraa tajaajila (chaplaincy) da'immoota Adventistii fi amantoota keenya mana sirreessaa keessa jiran gargaaruuf yeroo isaan deeman ati eebbisi.
- Maqaa namoota torbaa kadhachuufiif nu harka jiraniif si kadhanna. (maqaa isaanii sirriitti waamii kadhadhu) --- Kadhannaan addaa yoo jiraate itti dabali.

**Guyyaa 5ffaa**

## DHUGAA HAFUURA QULQULLUU

**Iji hojii hafuuraa immoo, jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa, 23 garraamummaa dha, of dhowwuu dhas; egaa seerri isaan kanaan mormu hin jiru. Gal' 5:22,23**

**Dhga baatii**

"Dhugaan karaa hafuura qulqulluu laphee keenya keessatti akka biqilu ragaan ni mirkaneessa, yeroo jaallatamuu fi gatii guddaan itti kennamu akkasumas akka kennaa qulqulaa'aatti ilaalamu guddinni isaa dhugooma. Jaalalli akka boolla bishaan jireenyaa harkifamee laphee keenya keessaa ba'uutu isa irra jira, gara jireenya barabaraatti ol guddachuutu irra jira. Yeroo jaalalli kun laphee keenya keessa jiru, hojjettoonni hojii waaqaa keessatti dadhabbiin itti hin dhaga'amu." *(Ellen White, Review and Herald, vol. 3, p. 121, Feb. 13, 1894).*

Daaqunoonni waldaa keessaa, nama fayidaa ol aanaa kennan akka ta'anitti beekamu, garuu amaloota rakkisoo ta'an haati manaa isaanii fi ijoolleen isaanii qofti kan irratti beekan qabu. Bakka hojiitti ykn wal itti dhufeenya warra kaanii wajjin qabu, nama ati hundumaa irra naaf ta'a jettee abdattu ta'uu danda'a. Gara manaatti nama hin danda'amne obsa hin qabnee dha. Nama dafee aaruu fi loluu dha. Yeroo baayyee aariinsaa akka abiddaa yeroo inni boba'uu fi miiraan guutamee ijoollee isaa yeroo baayyee utuu inni reebuu argina.

Daaquniin fedha isaa ibsachuuf joonja'aa miti. Rakkina mana isaa keessaa ka'uuf mormii isaa argisiisuu danda'a. yeroo baayyee gara kutaa warra aarii isaanii itti walaanamanii seenee wallanamuu akka qabu hubata, garuu bu'aan isaa waldaadhaaf maal akka ta'ee yeroo ilaaluu immoo insodaata. Gorsa argachuu akka qabus ni beeka, garuu yaada namichi isa dhaggeffatu sun isaaf deebisuu danda'uu sana qaanneffatee dhiisa. Koormaan isaa gargaarsa argachuu qabu irraa addaan isa baasee hafe. Inni nama amantiiti garu nama hafuuraa miti jijjiramni fi hafuura qulqulluu wajjin walitti hidhachuun isa barbaachisa.

Yeroo ji'a birraa tokko lallabaan tokko gara magaalaa dhufee daddamaqiinsa hedduu godhe. Sababa waldaa keessaa aangoo ol aanaa qabuuf wal ga'icha hunda isaa hirmaate. Hata'u iyyuu malee amma iyyuu garaan isaa akkuma dhagaati. Kadhannaan baayyeen wal itti qabama kana irratti ta'aniiru, akkasumas hafuurri qulqulluun bifa adda ta'een utuu gidduu isaanii socho'uu mul'ata ture. Mucaan durbaa tokko cubbuu ishee ifaadhumatti baatee himattee utuu isheen walitti dhufeenya Yasuusii wajjin qabdu haareffattuu, akka isheedhaaf kadhataniif waldaatti himattuu argeera. Dubartiin hin amaniin tokkos kan hiriyaa ishee waliin saganticha hordofaa

turte utuu isheen Yasuusiif of laattuu argeera. Galgala hundumaa iddoo aarsaa irraa yeroo waamichi ta'u namoonni gara fuulduraa dhufanii qalbii isaanii jijjirratu turan.

Galgala tokko, gara xumura sagantichaatti, yeroo iddoo aarsaa irraa wamichi ta'aa jiru daaquniin kun ka'ee miilla isaan dhaabatee ture. Maddii isaa irra immimmaan inlola'a, warra gooftaaf laphee isaanii kennaniifii wajjin gara ful-duraatti deemuu eegale. Waldaa ful duratti jilbaa isaatiin jilbeenfatee, harka isaa ol-kaasee, sagalee isaa ol-kaasee akkas jechuu jalqabe, "Yaa Waaqayyo, ana nama cubbamaatti araarami" namoonni isa beekan kadhannaa akkasii kana saba fuulduratti kadhachuu isaa dhaga'uu isaaniitiif ni dinqisifatu ture, akkas jedhee kadhata ture, "Ani nama aarii hin dufannee dha. Ani akka abba manaa isa sirrii fi abba ijoollee isa sirrii ta'uu hin dandeenyee. Cubbuu koo himachuun barbaada, gargaarsas nan barbaada, nama isa ati akkuma amala isaa isa yeroo waldaa keessaa gara mana isaattis ta'uu qabu na godhi" jedhe. Yeroo kana haati manaa isaa fi ijoolleen isaa itti naanna'anii bo'ichaan itti marman. Amanttoonni waldaas itti naanna'anii pasterichis harka isaa gatiittii isaa irra kaa'ee hundumti isaanii yeroo kadhannaa gaarii halkan sana walii wajjin qabaatanii turan.

Daaquniin sun waan dubbate hundumaa akka raawwatu, gargaarsa paasteriin godhuufi fi gorsa warra aariin itti baayyatuuf kennamu fudhachuu akka jalqabu mirkaneesse. Hundumaa irra isa barbaachisaa ta'e, qorannaa macaafa qulqulluu paasterii wajjin torban torbaniin ta'u irratti hirmaachuu jalqabe. Doktirinii barachuuf utuu hin taane walitti dhufeenya isa dhugaa Yasuusii wajjin uumsuuf ture. Hafuurri qulqulluun waan isa eebbiseef ija hafuuraatiin guutamuu eegale. Maatii isaa qofa utuu hin taanee waldaanii fi uummatni guutuun jijjirama guddaa isa irratti argaa dhufan. Daaquniin kun amma nagaa argate. Inni nama baayyee gaarii ta'aa dhufe. Garraamummaan isaa fi jaalalli isaa, addumaan haadha manaa isaatii fi ijoollee isaatiif ifaa ta'aa dhufe. Gammachuuni fi eebbi Yasuus, karaa hafuura qulqulluu mana isaa gara samii xiqqoo lafa kana irraatti jijjiireera.

**Heertuu macaafaa ittiin kadhannu.**

- **Galatiyaa 5:19-23** – hojiin foonii ija hafuura qulqulluutiin badu: isaanis jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa, garraamummaa fi of'dhowwuu dha.
- **Yohan. 13:35**— jaalala nuti qabnuun namoonni akka nuti kiristaana dhugaa taane nu haa beekan.
- **1 Pheexir. 1:8**— gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamneef gammachuu ulfina guddaa qabuun ni gammaddu.
- **Filiphis. 4:7**— nagaan waaqayyoo garaa keenyaa fi yaada keenya haa eegu.
- **2 Qoront. 3:18**— humna hafuura qulqulluutiin fakkaatti Yasuusitti jijjiramna.

- **Yohan 7:38**— yaa'oon bishaan jireenyaa garaa keenya keessa ni yaa'uu.

**Mata duree kadhannaa**

- **Ya jaaallatamaa Yasuus, amala kee sana naman beeku hundumaa fi naman quunname hundumaatti calaqisiisuun barbaada. Hafuura kee qulqulluun na guutii hafuura qulqulluus na irraa haa ifu.**
- **Bakka hunduma irra caalaa mana kootti kiristaana sirrii akkan ta'uuf nagargaari. Warri sirriitti na beekan hundi siin caalchisanii na keessatti arguu akka danda'aniif nagargaari.**
- **Akka ani jaalala. Gammachuu, nagaa biyya ani keessa jiruu maraaf hiruutti, Yaa'oo ebbaa na godhi.**
- **Akkuman kadhannaa fi macaafa qulqulluu qorachuutti yeroo fudhadhe, Adaraa cuuphaa hafura qulqulluutiin caalchisii na cuuphi. Ayyaanni kee inni daarii hin qabne karaa koo addunyaa miidhamtuu kanaaf haa dhangala'u.**
- **Maqaa kee isa qulqulla'aa kanaaf ha-sagadduutii, adaraa ya-gooftaa lubbuu koo eebbisi. gammachuun kee jireenya koo ha-guutu!**
- **Ya goofta barsiisota barumsa sanbataa keenyaaf si kadhanna, hojiin isaan hojjetan daa'imoota keenyaaf ammam barbaachisaa akka ta'e isaan hubachiisi.**
- **Goofta, qajeelfamma kee bakkewwan garaa garaa kan akka giddu gala sagantaa fayyaa fi maatii, akkasumas daandii barbaaddotaa addunya kana irratti ni barbaanna.**
- **Gooftaa, adaraa kee attamitti dhugaa hedduu isaa, karaa barreeffama xixxiqqaa (bareeffamaan ykn meeshaa elektroonikiitiin) hawwasatti dabarsuun danda'amu nubarsiisi. Namoonni isa akka dubbisaniii fi hafuurri qulqulluun dhugichaan akka isaan amansiisuuf si kadhanna.**
- **Adaraa, warra karaa caaffata garaa garaa wangeela barsiisan, barattoota warra fedha isaaniitiin wangeela lallaban, warra kitaabota barreessan, warra karaa sab-quunnamtii garaa garaa lallabuuf dandeettii qaban, warra maallaqaan hojii kana tumsuuf of kennan nuuf kaasi.**
- **Warra maqaan isaanii tarreeffamee nu harka jiru torbanuu sanaaf si kadhanna. Adaraa humnaan jireenya isaan kanaa keessatti hojje dhu. 1 Yoh. 5: 6**
- **Kadhannaan addaa yoo jiraate…**

**Guyyaa 6ffaa**

## Kennaa Hafuura Qulqulluu

“Kennaan hafuuraa gosa garaa garaatu jira, hafuurichi garuu tokkichuma. 5 Ergaa garaa garaatu jira, gooftaan ergamaniif garuu tokkichuma. 6 Hojii garaa garaatu jira, Waaqayyo inni hojii hundumaa adduma addaan yaada namaa keessa kaa'u garuu tokkicha. 7 Karaan kennaan hafuuraa adduma addaan nama keessaa mul'atu, hundumaaf bu'aa akka ta'uuf kenname.” 1Qoro. 12:4 –7

**Dhugabaatii**

“Dabalata hafuura qulqulluutu hojjetoota dhalaa fi dhiiraa gurmuu saba waaqaaatiif eegduu godhee isaan qopheesa. Isaan hafuura qulqulluu amanamummaadhaan hordofantu guddata. Akkaataa miidhaagaa ta’een ergaa dhugaa kana gara goollabbiitti kan fidu isaan waan ta’eef humni kun isaaniif ni kennama.” (Ellen White, Gospel Workers, pp. 96, 97).

Biyya Albany, Oregon keessatti ala tokko bilbilli na waamee,” kun pasterii waldaa Adventistii Guyyaa Torbaffaatii?” naan jedhe, sagalee dubartii ture. “Eeyyee isa” jedheen deebise. “Ala tokko gara Hospitaalaa dhufu qabda. Dhukkubsataa dhukkuba onnee cimaa qabu tokkotu nu bira jira. Niduuti jennee sodaanneera, amma pasteriin waldaa Adventistii guyyaa 7ffaa dhufee isheef kadhannaa godhutti waan tokkotti illee akka nuti hin buune barbaaddi. Hanga ati dhufte kadhannaa gootuutti jettee waan nu rakkifteef, adaraa dafii kottu,”

Konkolaataa oofaa illee nan kadhadhan ture, ammas nan kadhadha, “Ya Gooftaa, dubartii kana arguu yeroon deemaa jirutti xinnoo gaddeen jira. Dubartiin kun yoon dhaqee kadhannaa godheef akka fayyitu dubbatteetti. Anis ta’e Ati yeroo tokko tokko nama fayyisuuf haalli namichichaa akka nuti fayyina isaaf filannu nun godhu. Garuu yoo ati dubartii kana hin fayyiftu ta’e Doktooriin kunii fi Neersiin kun maal jedhuu? Waaqayyo yoo dhaqee akkas hin jedhu ta’e jedheen tilmaame” waa’ee maalii rakkattan?” “Aangoo/maqaa keessan kanaaf nan gadda” ittiin jedhe. “Amma, kana ibsan barbaada,” gooftaan akkas jedha ta’a jedheen tilmaama. “Ati waa’ee maqaa kootii rakkattee?” “tole,” ittan fufe, “kun gowwummaa bareedduu akka taate nan hubadha, garuu yoo ati ishee hin fayyiftu ta’e, namoonni kun maal jedhu ta’a dubartiin kunis maal jetti ta’a?” Gooftaan garaa kootti akkas naan jedhe, Ajajamuun ga’eekeeti. Maqaakootiif eeggannaa gochuun ga’ee kooti.” “Ati sirrii dha” jedhe. “Waan hundumaa irra wayyu tokko akka ati gootu sittan amana” jedhe

Hospitaalichatti neersota nama afur kutaa dubartittiin ciifteen alatti quunnameen ture. “Ati pasterii Adventistii dhaa?” jette nagaafatte neersiin isheen tokko. “Dafii ol-lixiitii kadhannaa

godhi sana booda waan tokko goonaa!" jette. Akkan neersii kana irraa dhaga'eetti dubartiin kun miseensa waldaa Adventistii Guyyaa Torbaffaa miti. Maaliif paasteriin waldaa Adventistii akka dursee isheef kadhaatu malee jettee jabaattee mormuu isheef baayyeen dinqisiifadha, garuu yeroon kun ishee faana haasaa'uuf yeroo isaa miti. Akka meeshaan ittiin onnee safaran agarsiisuutti rukkuttaan onnee isheetii sirrii miti. Akka isheen dhiphina keessa jirtu nan bare. Gara siree ishee cinaatti siqeen harka ishee mirgaa irraa harka koo kaa'e. suuta jette ija ishee ol kaaftee na ilaaltee akkas jettee na gaafatte, "Ati pasterii waldaa Adventistiitii?" "Eeeyyee," jedhe. "yoo ati naaf kaadhatte, nan beeka ani nan fayya," jette.

Yeroon kun yeroo lallabaa ykn qorannaa macaafa qulqulluu nuti dhukkubsataaf goonu miti. Akkas jedheen gaafadhe, "obboleetti koo, waan asitti ta'u hundaaf Yasuus murtoo akka kennuuf itti walii galtaa?" "Eeeyyeekaa paaster," jette, "Garuu yoo ati naaf kadhatte akkan fayyu nan beeka!" kanaaf dunuunffadhe gooftaa samii araara isaa fi humna isaa dubartii kanatti akka agarsiisuuf nan kadhadhe. Maqaan isaa Neersota fi Doktorota hospitaala kanaa duratti akka kabajamuuf nan kadhadhe, fayyuun dubartii kanaa namoota baayyeef raga akka ta'uuf jedheen isa gaafadhe. Yoo fedha isaa ta'e dubartii kana akka fayyisuuf, isheedhaaf waan gaarii rawwachuu isaatiinis maqaa isaatiif galatni akka ta'u, Maqaa yasuusiin sin kadhadha ameen! jedheen kadhata koo xumure.

Ija koo banadhee yeroon gara meeshaa isa onnee ishee safari ilaalu, rukkuttaan onnee isheetii haala gaarii fi isa sirrii irra jira! Dubartittiin harka koo jabeessitee qabdee akkana jette, "Amma fayyeera! Fayyummaatu natti dhaga'ama, yoo paasteriin waldaa Adventistii naaf kadhate akkan fayyu beekan ture!"

Yasuus attamitti namoota akkasii fayyisaa akka ture yaadadheen akkas jedhe, "yaa obboleettii koo, amantiin kee si fayyiseera" jedheen waaqayyoon galateeffadhee kuticha keessaa ba'e. Neersiinsun akkas jette, "Amma dhaquu nan danda'aa?" "Eeyyee, garuu Kanaan booda waan isheen si barbaadduuf jira natti hin fakkatuu." Ittiin jedhe. Ija ishee babaaftee utaaltee ol seente. Kanaan booda waan ta'e sitti himuu hin danda'u sababiin isaa ani nan deeme. Neersiin sunis dubartittiinis akkan waan ishee fayyiseetti akka ilaalaniif hin barbaanneen ture. Kennaa hafuura qulqulluu, kennaa hafuuraa dubartii kana fayyisutu yeroo sanaaf naaf laatamee ture.

**Heertuu Macaafaa Ittiin Kadhannu**

**1 qoro. 12:9** – kennaan fayyisuu ibsameera. Gooftaa namoota fayyisuuf karaa hedduu qaba. Humna fayyisuu isaatii, karaa namoota isaa kennuu barbaada.

**Efeso. 4:11—13** –hafuurri qulqulluun kennaa hafuuraa hedduu saba isaatiif kenna waaqayyo siifis karoora qaba.

**Luqaa. 5: 17 –** hafuurri gooftaa fayyisuuf sitti dhiyoo jira.

# KADHANNAA GUYYAA 10



**1 Qoron. 14: 1, 13 –** kenna hafuuraa fudhachuuf hawwi, kadhadhus.

**Mula. 1:10** – hafuurri qulqulluun yeroo nurratti gadi bu'u, karaa haaraa ta'ee fi humna qabuun isa dhaga'uu dandeenya.

**Mata Duree Kadhannaa**

- Ya goofta, kaunoo ani asan jira tajaajilaaf dhimma natti ba'i. hafuura keetiin na guuti kennaa kees na hidhachiisi.
- Biyya lafaa kana irraatti jijjiramni ha dhufuuf nan barbaada. Ani waldaa keessaa iddoodhuma qabadhee taa'uu qofa hin barbaadu. Karaa kennaa hafuura naaf filtee humna hafuuraa isa ani ittiin biyya lafaa kana irratti aangoo seexanaa mo'adhu naaf kenni.
- Gooftaa, kennaa nuuf laatte barnootaan, leenjiidhaan, muuxannoo fi kadhannaadhaan nuuf guddisi. Dandeettii keenya hunda isaa garakee yeroo fidnu eebba waaqummaa kee garaa gadi cabaadhaan si gaafanna, yemmus waangeelli humnaan fuulduratti deemuu danda'aatii.
- Mana barumsaa Adventistii 8,000 ol ta'aniif barattoota miliyoona 2 ta'aniif si kadhanna. Manneetiin barumsaa kun dhugaa macaaf qulqulluu barsiisanii dargaggoota ergama wangeelaa fi tajajilaaf ha baasaniitii isaan gargaari.
- Gooftaa, aadaa biyya lafaa isa amantii keessatti bu'a tokko hin qabne yeroo barsiifnu ogummaa nuuf kenni. Hafuurri qulqulluun keenyan garaa biyya lafummaa marsee jiru ha cabsu.
- Saba biyya Eshiyaa warra hubannaa kiristaanummaa hin qabneef si kadhanna, fedha isaanii bira ga'uuf ogummaa nuuf kenni.
- Gooftaa, Adveentistoota guyya torbaffaa addunyaarra jiran bokkaa isa lammataan akka eebbiftuuf, waadaa isa Yu'eel 2, Hos. 6 fi H E. 2 keessatti galte sana akka raawwattuuf si kadhanna.
- Attamitti qabatamaatti fedha hafuuraa warra mooraa koolu galtootaa keessa jiran bira ga'uu akka dandeenyu nu agarsiisi. Eessaa akka dhufan utuu hin gaafatin waldaan keenya nuti nama hundumaa walqixa jaallachuun akka nu irra jiru haa hubatan,
- Garee Saba 541 ta'an naannoo biyyoota Afirikaa kibbaa - Indian ocean division jala jiran warra amma iyyuu jireenya jaarraa 18$^{ffaa}$ jiraachaa jiraniif si kadhanna, adaraa gara dhugaa wangeelaatti isaan fidi.
- Ammas warra maqaan isaanii tarreeffamee nu bira jiru torban Sanaaf si kadhanna.
- Gaaffiin Kadhannaa addaa yoo jiraate: ---Faarffannaa

## Guyyaa 7ffaa

### HAFUURA QULQULLUUN KADHACHUU KEESSATTI

**“Kadhataa fi himata keessan hundumaa keessatti yeroo hundumaa hafuuraan geggeeffamaatii kadhadhaa! Egaa kadhachuutti dammaqaa, obsaanis itti jabaadhaa, warra Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaafis kadhadhaa!” (Efeesoon 6:18, NKJV).**

**Dhugabaati**

“Kiristoos araarsaa keenya, akkasuma hafuurri qulqulluun immoo yeroo hundumaa dhimma namaaf araarsaa dha, garuu hafuurri akka Yasuus isa uumamuu biyya lafaa irraa eegalee dhiiga isaa nuuf dhangalaasee miti; hafuurri laphee keenya irratti hojjeta, kadhataa fi obsa nuuf kenna, galata fi hooqubaa akka dhiyeesinuuf nu godha. Galanni inni hidhii keenya irra dhangala’u bu’aa hafuura isa lubbuu keenya keessaa bakka itti bu’un maluufiitti itti bu’ee sirriitti akka yaadannu godhee muuziqaa laphee keenyaa dammaqsuu dha.” Ellen White, SDA Bible Commentary, vol. 6, pp. 1077-78).

Kadhannaa jechuun qormaata. Waaqayyoon arguu hin dandeenyu, baayyeen keenya ala tokko tokko immoo Waaqayyo kunooti jenna. Isa tuquu hin dandeenyu, ala tokko tokko deebiin karaa sana dhufus cimaa dha. Itti dabalee akkamiin kadhannaan akka hojjetu fi akka hin hojjenne gaaffii baayyee qabna.

Kadhannaa akka dargaggeessa abdii kutatee tokkottin hubadha. Yeroo baayyee waan akka hirribatu narra buufata (mataa koo gadi qabadhee ija koo yeroon dunuunfadhu), ala tokko tokko sammuun koo qooda ani waaqayyoo wajjin haasa’u yeroo itti wanti ani gochuuf yaadu fedhiin dhuunfaa kootii tarree galee natti mul’atu baayyeen dinqisiifadha. Faarfannaan sanyi akka (sa’atiin kadhanna gammachiiftuu dha) jedhu anaaf icciita natti ta’u. “Attammitti namni tokko sa’aatii tokkoof walitti fufiinsaan kadhata? ‘’Ani daqiiqaa 15 iyyuu danda’ee kadhachaa hin turu. Qorannoon tokko akka jedhu, sa’atiin giddu galeessi paasteriin tokko kadhannaa irra turu guyyaa guyyaatti daqiiqaa 7-10 duwwaa dha! yeroon kana argu badiin koo natti mul’ate. waan hundumaa irra caalaa paasteroonni gochuu kan isaan qaban, kadhannaan hundumaa irra caalaa ta’uu isaati.

Yeroo mata duree hafuura qulqulluu qoranuu, gara heertuu isa; “Hafuurichis immoo akkuma kanatti dadhabbii keenyatti nu gargaara; nuyi maal kadhachuun akka nuuf barbaachisu akka ta'utti hin beeknu; hafuurichi garuu aaduu isaatiin karaa namni dubbiidhaan mul'isuu hin dandeenyeen nuuf in kadhata.” Roome, 8:26. Heertuu kana yeroo sana guutuu guutuutti hin hubanneen ture, hafuurri qulqulluun kadhannaadhaan na gargaaraa akka jiru ifaa dha. Yaada tokkitti duwwaatu jireenya kadhata kootii jijjiruu jalqabe. Waaqayyo kadhannaa akka na

gargaaruuf waadaa naaf galeera, kanaaf garaa koo guutuu waadaa inni naaf seene gaafachuun jalqabe. Yeroo mugaatiin natti dhufu waadaa isaa sanan gaafadha. Yeroo sammuun koo dammaqu, waadaa isaa sanan fudhadha. Irrumaa jala qulqullinni kadhannaa kootii fi turtiin bakka kadhannaakootii furamaa dhufe. Maaliif akka ta'e ibsuu hin danda'u, garuu dhugaa natti fakkaata sa'atiin kadhata irratti bade hamma dubbannuun ol baayyee barbaachisaa dha.

Kana ta'ee utuu jiruu kadhannaan amma iyyuu ala tokko tokko rakkisaa dha. Sa'atiin baayyee ariifatee deemaa akka jirun argadhe. Akkasumas hirribni natti dhufee na jeeqaa hin jiru yookiin dadhabbii/jeequmsa sammuus hin qabu. Waaqayyo kadhannaa koo akka dhaga'aa jirun bare, yeroo isaaf mijatee fi karaa isaaf ta'uun akka naaf deebisu nan beeka. Kanaaf akka jecha macaafa qulqulluutti hafuuraan kadhachuu jechuun yaalii/dadhabbii dhala namaa yeroo kadhannaa irratti darbu fooyyessuudhaan akka hafuurri qulqulluun irratti hubannoo nuuf kennuu amantii qabaachuu dha.

**Jireenya kadhannaa keetii fooyyeffachuuf yaadota muraasa gochuu qabnu.**

- Karaa heertuu macaafa qulqulluu kadhadhu. Heertuu dubbisiitii waa'ee waan dubbiftee sanaaf gooftaa kadhadhu.
- Muuziiqaa itti dhimma ba'I, faarfannaa galataa fi macaafota faarfannaa kan biraa kadhannaa baayyee qabu, Kadhannaa isa waan ati jechuu barbaadde sana beekuuf si gargaarutti dhimma ba'i. Farfachuun karaa biraatiin kadhachuu dha.
- Bakka qilleensi gaariin jiru jeequmsa irraa walaba ta'etti kadhadhu.
- Kadhata kee yaadannoo irratti qabadhu. Namoonni baayyeen kadhannaa isaanii waraqaa irratti qabachuutti itti gammadu, sababiin isaa gadi fageenyaan yaada isaanii ibsachuu fi of beeksisuuf waan isaan gargaaruuf.
- Michuu kadhataa qaamaanis ta'e silkiidhaan wajjin kadhattu qabaadhu.
- Walga'ii Kadhata irratti hirmaadhu (waldaatti yookin mana namootaatti) Walga'ii kadhataa eegali.
- Wantoota waaqayyootti himuu barbaaddu hunda tarreessii qabadhu.

- **Heertuu macaafaa ittiin kadhannu.**
  - **Ihuda 20**— Hafuura qulqulluun kadhachuudhaan amantii keenya guddifanna.
  - **Efesoon 6:18—** kadhannaa gosa hundumaa fi gaaffii keetiif hafuuraan kadhadhu.
  - **Luqaas 6:12—** yasuus halkan hundumaa kadhannaadhaan dabarse.
  - **Luqaas 11:11-13—** hafuurri qulqulluun deebii kadhata keenyaa waliin gara keenya dhufa
  - **1 ximoo. 2:1—**kadhannaan wanta barbaachisaa isa hundumaa irra caalu nuti

gochuu dandeenyuu dha.

- **Luqaas 22:43—** gargaarsi waaqayyoo akkuma Yasuusiif godhe sana kadhannaa keenya ni jabeessa.
- **See.Um. 32:24**— Yaaqob waaqayyoo wajjin waldhaansoo qabe. Ala tokko tokko kadhanna cimaa fakkaata.

- Luqaas 18:1— garaa keenya utuu hin hirin yoo kadhannaatti jabaanneef ni eebbifamna.
- Zakar 12:10— hafuurri dhiifamaa fi kadhannaa nu'ii fi maatii keenya irratti haa dhangala'u.

**Kadhannaa kadhatamuu qabu**

- Yaa jaallatamaa abbaa, nama kadhataa na godhadhu, akkasumas namoota eebbisuuf dhimma natti ba'i. Hafuura kee na irratti dhangalaasi akkasumas jabina naaf kenni.
- Gooftaa, adaraa warren harka boojuu jalatti na hidhan seexana fi hafuura xura'aa na irraa ifadhu. Humna dhiiga keetiin cubbuu koo irratti mo'icha naaf kenni.
- Adaraa ijoollee keenyaa fi ijoollee ijoollee keenyaa oolchi, kanneen gara jireenya bara baraatti isaan geggeessuu danda'an ergamoota samii isaaniif ergi. Humna seexanaa isaan irraa cabsi, gaarummaa kee akka arganiif isaan gargaari, hafuura cubbuu himachuu isaaniif kenni.
- Paasterota keenya, barsiisota, hojjettoota wangeelaa fi amantoota guutummaa addunyaa irra jiran hunda hafuura kadhataan isaan eebbisi. sagaleen tokkummaa sabakeetii faarfannaa galataa fi araarsuutiin gara samiitti ol haa kaafamu.
- Yaa gooftaa, ijoollee saafelota fi dadhabina isaaniif eegumsa akka isaaniif gootuuf si kadhanna. Warra isaan cunqursan irraa akka isaan eegduuf si kadhanna.
- Hojjettoota wangeelaa magaalota keessatti waldoota dhaabuuf barbaadaman gosa sabaa baayyinni isaanii 806 ta'an biyyoota 20 ta'an Inter-European Division keessa jiraniif si kadhanna.
- Adaraa raayyaa hojjettoota waldaa dhaaban gosa saba 948 ta'an biyyoota 38 keessatti argaman Inter-American Division jala jiran nuuf kaasi.
- Gooftaa, adaraa murtoo waldaa kiristaanaa bara 2020 yaa'ii General Conference tti ta'u geggeessi, bakka buuttoonni, geggeesitoonni, keessummoonni hundi hafuura daddamaqinsaa fi jaalallatiin haa guutaman.
- Maqaa warra torbanuu yaadannoo keenya irratti barreeffamanii jiranii yeroo gara keetti fidnu ati immoo ofitti isaan harkisi.
- Gaaffi kadhannaa kan biraan yoo jiraate:

# KADHANNAA GUYYAA 10



**Guyyaa 8ffaa**

## HAFUURA QULQULLUUN BOOJI'AMUU

"Kanaatis ani isinittan hima, cubbuun kam illee arrabsoonis namootaaf in dhiifama; arrabsoon hafuura qulqulluu irratti ka'u garuu hin dhiifamu" Mati. 12: 31

**Dhugabaatii**

"Eenyu illee cubbuu hafuura qulqulluu irratti dhoksaadhaan yookin lafumaa ka'ee hojjechuu namni barbaadu hin jiru. Cubbuun hafuura qulqulluu irratti hojjetamu cubbuu walitti fufiinsaan qalbii diddirrannaaf afeeramanii deebi'uu diduuti." (Ellen White, SDA Bible Commentary, vol. 5, p. 1093).

Sabumti hafuuraan guutame illee taanaan yeroo baayyee cubbuu ni hojjeta. Abrihaam, Musee, Daawwit, fi Peexiroos hundi isaanii amala qulqulluu kan hin qabnee fi yeroo qormaataatti warreen kufanii argamanii dha. Yasuus mataani isaa (Maati'oos 4), keessatti yoo qorame illee inni harka hin laanne. Sababa nuti yeroo sanatti hafuuraa wajjin taaneef nuti cubbuu hin hojjennu jechuu miti, dogogora jechuun cubbuu gara jabinaan hojjetamu jechuu miti.

Dubartiin umurii gara dhumaatti dhufte gara jabeettii, abdii kutattuu fi aartuudha. Hiriyoottan ishee muraasa warra dur baayyee isheetti siqan durii irraa kan hafee, isheen warra kaaniif Obsa xinnoo qabdi. Yeroo lubbuu haaraan gara waldaa dhufan isheen waa'ee ijoollee isaanii, uffata isaan uffatan yookiin waanuma tokkoon mormii dhiyeessiti. Kanneen reefu cuuphaman yaada ceephoo isheen laattuun mufataniiru. Muraasni gara waldaatti lammata deebi'anii akka hin dhufneef abdii kutatanii deemaniiru. Hanga walgaii jaarsolii tokkootti Kanneen kana hundumaa keessatti ani dukkana keessan ture. Maaliif namoonni waldaatti akka hin deddeebine jaarsa waldaa gaafadheen ture. Baayyeen isaanii mataa raasuudhaan callisuu filatan. Gara dhumaatti jaarsi tokko dubbachuu eegale, "paaster, dubartii tokko qabna nama arraba ishee hin abboommanne, isheen nama hundumaa hamatti, nama hundumaas ceephaati. Kanaadha sababiin namoonni waldaatti hin deddebineef jedhe. "Kun hammam ta'eera?" jedheen gaafadhe. "waggoota hedduudhaaf" jedhee naaf deebise. "Maaliif namni tokko dhimma kanaaf waanuma tokko hin goone?" jedheen itti fufee gaafadhe. Paasteroonni baayyeen yaalaniiru, garuu jijjiramni tokko irraa hin argamne." "Garuu kun itti fufuu hin qabu," ittiin jedhe. "Ilaa waanti ani karoorsaa jiru isa kana. Dhaqeen dubartii kana ilaala, akasumas torban lama gidduutti akka isheen amala ishee jijjirattuuf gaafadhan jedhe. Yoo isheen jijjiramuuf fedhii hin qabdu ta'e, maqaan ishee torban itti aanutti adabaaf fuula boordii waldaatti akka dhiyaatun godha. Kana irratti jaarsoliin

nan fudhatan ta'aa?" jaarsooliin mormii tokko malee karoora kee ni deggeru. Jedhe.

# KADHANNAA GUYYAA 10



Dubartii kana daawwachuuf gaaffiilee tokko tokko qopheeseen ofiis itti qophaa'een ture. "Maaliif addana akka ati jirtu nan beeka, yeroon kutaa kana keessa taa'uu jechuu keetii?" Eeyyee jedheen deebiseef. Isheenis itti fuftee, "Akkaataa ani namootaa wajjin haasa'u irratti haasa'uuf addana dhufte." "kun sirriidhuman" jedhe. "garuu ati kana attamitti barte?" "sababiin isaa paasteroonni lama gara mana koo dhufanii waanuma akkasii natti dubbatanii waan turaniif." "gaarii hin turreeree?" jedheen gaafadhe. "lakki, gaarii hin turre" "maaliif?" jedheen gaafadhe. "sababiin isaa karaa ani sirrii dha jedhee itti yaadu dubbachuun mirgakooti, namoonni immoo karaa addaa waan yaadaniif kun isaan aarsa. kulleettaa shamishii isaanii irratti akkuma fedhii isaaniitti waan fedhan uffatu."

Waa'ee amala kiristaanoota heertuu akka Efe. 4:29-31 dubisee wajjin haasa'een ture, garuu dubartiin kun amma iyyuu jijjiramuuf fedhii hin qabdu. Garaa koo keessatti akkas jedheen kadhadha, "Jijjirama amalaa fiduuf torban lamatu si hafa, yookiin jaarsoliin akka si adabaniif dhiibbaan itti godha, kana akka isaan raawwataniif jaarsolii hundumaa nan gargaara." "sana hin godhin!" ni dinqisifatte. "Eeyyee, dhuguma, hanga ati akkaataa namatti dubbatan kana hin jijjiriinitti ani waanan jedhe kana nan raawwadha." "Ani hin beeku jaarsoliinis kana gochuuf waan duubatti deebi'an miti." Akkas jettee deebifte, "Isaan kanaan dura kana godhaniiru, yoo barbaadde isaan gaafachuu dandeessa, sun dhimma isaati," jette. "ani mul'anni kun dubartii kana teessuma duubaarra teessisa yookiin afaan qabachiisa jedheen yaade. Suuta jedheen "nu-hundumti keenya si jaallanna, akka ati miseensa waldaa keenyaa taatus ni barbaanna, garuu amalli kun jijjiramuu qaba."

Sanbata itti aanu isheen waldaa hin dhufne. Michoonni ishee na jibban. Isaan dhimma ishee wajjin wal'aansoo qabaa akka turan nan beeka. Sanbata itti aanuu torbanoota lamaan sana keessaa torban isa dhumaan fuuldura, gara waldaa dhufte. Ishee dubbisuufan gara isheetti kaadhe. Fuulli ishee gammadaa miti garuu harka na qabdee na dubbifteetti. "paaster, wanta ati dubbattee turte hunda irratti guddiseen yaadaa ture, baran jiraadhe hundumaa keessatti dogoggora keessa akka ani ture sirriitti amma of ilaalaa akka ani jiru akka ati hubattuun barbaada. Akka ati naaf dhiiftu nan abdadha, jaarsolii waldaas yoo ta'e guutummaa waldaa dhiifama gaafachuun fedha. Gargaarsa waaqayootiin ani dubartii addaa ta'uun fedha, "yeroo kana ija ishee imimmaan guutee, waan jette kana hunduma isaa ni raawwatte. ''Yeroo kana namoonni waldaa dhufuu eegalanii waldaan saffisaan guddachuu jalqabe.

**Heertuu ittiin kadhannu:**

- **Mat. 12:31, 32—**Waaqayyoon arrabsuun cubbuu ofii dhoffachuu fi bakka waaqayoo fudhachuu dha. (Maarq 2:7-11; Yoha 10:33).
- **Ibroot. 6:4-6**— Sabi dhugumaan jijjirame yasuus irraa deebi'ee galgaluu ni danda'a.

- **Ibroot. 4:7**—Yeroon gaariin filatamaan nuti sagalee hafuura qulqulluutiif ajajamnu, yeroo ishee jalqaba inni nutti dubatuu dha.
- **H E. 7:51**— Qajeelfamaa fi akeekkachiisa hafuura qulqulluu irraa hin fagaatin.

- **Luqa. 13:34—** Akka jaalatamtuu Yerusaalem, utuu sitti hin guyya'in dafiitii jireenyakee Yasuusitti kennadhu.

**Mata duree kadhannaa**

- Ya-jaallatama abbaakoo, yeroo hundumaa akkan sagaleekee dhaga'uuf na gargaari. Karaa yaada gogaa deebi'uu hin dandeenye irra bu'ee yeroon deemu adaraa naaf dhiisi. Fedha kee mul'isuu akkan danda'uutti ijakoo fi gurrakoo naaf baniitii akkan abboomamuuf jabina naaf kenni.
- Yaa jaallatamaa Yasuus, cubuu koo dhoffachuu kootiin isan si dhukkubse hundumaaf dhiifama naaf godhi.
- Adaraa cubbuu waldaa keenyaa isa nuti sagalee macaafaa dhaga'uu dadhabne sanaaf dhiifama nuuf godhi. Hundumti keenya cubbuu kanatti akka qulloofnuuf akkasumas hafuurrikee akka nu bira jiraatuuf nu gargaari.
- Garaa haaraa nu keessatti uumi, goofta, hafuura sirrii nu keessatti haaressi. Fuula kee duraa nun ballessin, hafuura kee qulqullu nu irraa hin fudhatin. Gammachuu fayyinaa nu keessatti haaressi. Akka isaan gara keetti deebi'aniif, yemmus cubbamoota karaa kee barsiifna. (fars.51)
- Yaa abbaa, warreen haala wantoota sammuu namaa adoochaniin weeraramanii jiraniif araara si kadhanna. Adaraa cancala isaaniin hidhee jiru isaan irraa cabsi! Eeggannaa fi jaalala isaaniif goonuun gara keetti isaan fiduu akka dandeenyuuf nu gargaari.
- Mee - Attamitti bu'ura amantii keenyaa bifa haaraadhaan, heertuu macaafa qulqulluutiin deggerre, lallabuu akka dandeenyu nu barsiisi! Jalalli Yasuus kiristoos waan nuti itti amannu hundumaa keessaa isa duraa nuuf hata'u.
- Saba garee 789 biyyoota 9 diviszinii Kaaba Amerikaa jala jiraniif dargaggoota waldaa dhaabuu danda'an akka kaaftuuf jennee si kadhanna.
- Saba garee 830 biyyoota 11 diviszinii giddu gala ba'a Afriikaa keessa jiraniif ergamtoota wangeelaa karaa fayyaa wangeela barsiisan (medical missionaries) warra waldaa dhaaban akka kaaftuuf si kadhanna.

- Saba garee 2,568 ta'an biyya 4 keessa jiran diviszinii Eshiyaa kibbaa jala jiraniif raayyaan kadhannaa bobba'ee isaaniif akka araarsuuf si kadhanna.
- Dura-bu'aa dargaggootaa haaraa fi dura bu'aa dargaggoota jajjaboo (senior youth leadership) akka nuuf kaaftuuf si kadhanna.

- Galatakee yaa abbaa, namoota torba nuti maqaa waamnee kadhachaa turreef waan jijjirteef si kadhanna.
- Kadhati biraan yoo jiraate irratti haa kadhatamu.
- Faarfannaa ….

# KADHANNAA GUYYAA 10



**Guyyaa 9ffaa**

**HOJII HAFUURA QULQULLUU**

“Kana booddees ergamaan biraa tokko aboo guddaa fudhatee, waaqa keessaa utuu gad bu'uu nan arge; ulfina isaa irraa kan ka'es biyyi lafaa in ife. … 4 Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhaga'e; innis, Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa, ishee keessaa ba'aa!” **(Mula. 18:1, 4, NLT).**

**Dhugabaatii.**

Tajaajila bu’aa buusuu danda’uuf Hafuura qulqulluu guddisee nu barbaachisa. Hafuurichi humnaa fi ibsa isaa irraa akka hubatamutti inni waaqaa dha. Waaqayyo akka ati ayyaana hafuura isaa qabaattu barbaada, yemmus humna Kanaan dura jiraa iyyuu mitii yaaddee hin beeknee wajjin hojjetta. Jaalalli, amanitin fi abdiin si wajjiniin ta’u. Hafuurri qulquluun akka siif keennamu amantiidhaan gara fuulduraatti deemuu dandeessa,” (Ellen White, Evangelism, p. 299).

Guyyaan ta’e tokko guyyaan itti dadamaqinsi ijoolee waaqqayoo gidduutti guutummaa addunyaa kana irratti ta’u ni dhufa. Hafuurri qulqulluun humnaan gadi ni bu’a. sochiin hafuura qulqulluu kun macaafa qulqulluu keessatti bokkaa isa yeroo birraa naannoo gidu galeessa ba’aatti roobutti fakkeeffameera. (Zechariah 10:1). Akkaataa dandaa’amee fi karaa barbaachisaa ta’e hundaan sabni waaqayyoo ala ba’anii amantii isaanii namaaf hiruu kan isaan itti danda’an in dhufa. Dinqiin garaa garaa Yasuusiin ni hojjetama. Kumni kumaatamni ni fayyu. Hojiin hafuura qulqulluu warra badan barbaaduudha, gammachuu guddaan ergaa kana namaaf hiruu caalu hin jiru.

Lance fi haati manaa isaa (Renae)sanbata gaaf tokkoo, yeroo jalqabaaf gara waldaa keenya Adventistii Guyyaa Torbaffaa dhufu. Namni ta’e tokko kitaaba macaafa qulqulluu ittiin qoratan tokko balbala mana isaanii duratti gatee deeme sana argatu. Haalli ta’e yeroo sana jireenya isaanii muudatee waan tureef kitaaba argatan sana Lance fi Renae n dubbisuuf murteessu. Mata duree sanbataa achi keessaa fuudhanii (*scan*) gochuudhaan qorannaa irratti geggeessanii waldaa kitaaba kana maxxansite barbbaacha itti fufan. Waldaan kun waldaa Adveentistii ta’uu ishee ergaa bira ga’anii booda, waldaa keenya argatanii sanbata dhufu daawwannaaf akka dhufan murteessan. Lance kitaaba maatiin ittiin macaafa qulqulluu qoratu sana ala fuudhee akkas jedhee gaafate, “Macaafa kana waldaa keessantu maxxansee?” “Eeyyee, nutu maxxanse!” jedheen deebiseef. “Nama dhiba,” Lance itti fufee, “gaaffii hedduu qabna. Carraan isin gara

mana keenyaa dhuftanii ittiin macaafa qulqulluu nu-qorachiiftan inargama?" sirriitti, akkan gammachuudhaan dhaqee isaan qorachiisu nan mirkaneesseef.

Yeroo ani gara mana isaanii dhaqu, Lance fi Renae akkasumas ijooleen isaanii lamaan jijjirama guddaa jireenya isaanii keessatti arguu akka hawwaa jiran nan bare. Isaan suusii alkoolii fi wantoota biraatiin akasumas gaa'eelli isaanii illee rakkoo hamaa keessa akka jirun arge. Akka isaan humna Yasuus isa hurrii nama baasu barbaadan nan bare. Utuman wangeela isaaniif hiruutti jiruu, garaa kootti waaqayyo gargaarsa akka isaaniif godhu nan kadhadhan ture. Hafuurri qulqulluun gadi fageessee akka isaan amansiise naaf gale. Barsiisa wangeelaa koo fixeen akkas jedhee isaan gaafadhe, "Akka isin jireenya keessan Yasuusiif hin laanne kan godhu sababni biraan maaltu jiraa?" Fayyina Yasuusii fi dhiifama inni isaaniif godhuuf baayyee kan itti gamadan ta'uu isaaniif deebii naaf kennan. Kadhannaaf ni jilbeenfanne, cubbuu himannaa fi Yasuus kiristoosiin akka fayisaa isaanii fi gooftaa isaaniitti fudhachuu isaaniitiif kadhannaadhaan isaan duran bu'e. Imimmaaniin kadhata koo na duukaa bu'anii irra deebi'anii jedhu ture, sana booda gammachuudhaan achi ol kaane. Humni hafuura qulqulluu inni dinqii hojjetu ifaa dhumatti yeroo mul'atu, isaan amma hundi isaanii ijoollee waaqayyooti.

Beellama koo isa itti aanutti yeroon dhaqu, yeroo ani faana sadi gara goorduba isaaniitti ol seenu Lance akkas jedhee na gaafate, "paaster, waa'ee timboo xuuxuu maal yaadda? waan kiristaanni gochuu qabuudha jette yaadda?" galgala sana dhimma fayyaa akka baranun itti hime, sanas goonee turre. Macaafa qulqulluu ergaa qorannee fi itti deddebii koo booda Lance fi Renae caancala seexanni ittiin isaan hidhe gabroomfate cabsanii cuuphaman, hundi isaanii iyyuu kiristoosiin dhugaa ba'uu fi qorannaa macaafa qulqulluu maatiif isa jedhu kitaaba michoota isaanii qorachiisuu eegalan. Naannoo isaaniitti hojii hafuura qulqulluu wangeela daddabarsuu jabeessanii itti fufan. Dinqii attamiitii!

**Mata duree kadhannaa**

- **Maati. 28:19, 20** – tokkoon tokkoon duka-buutuu Yasuus waan labsuu danda'an wangeela fayyinaa lallabuu qabu.
- **Yoh. 16:13—** Yeroo hafuurri qulqulluun sirriitti hojjetu, namoonni gara sagalee waaqayyoo isa dhugaatti dhiibbatu.
- **H E. 4:29-31—**Waldaan jalqabaa hafuura qulqulluun guutamuuf waaqayyoon gaafachaa waan turaniif sagalee waaqayyoo ol-kaasanii labsuu danda'an.
- **Efeso. 4:11, 12**—Tajaajila fi waldaa ijaaruudhaaf kennaan hafuura qulqulluu kiristaanotaaf kennamuu qaba.

# KADHANNAA GUYYAA 10



- **H E. 9:36-42—** Hojiin dinqii gochuu kan inni fayyadu namoonni Yasuusitti amanuuf ragaa akka isaaniif ta'ufiidha.
- **Marq. 16:15-18—**Gara biyya lafaa dhaqaa, dhukkubsattoota fayyisa, ergicha lallaba, amala waaqayyoo nama hundumaatti calaqisiisaa.
- **Isa. 6:8—** kunoo asan jira, yaa gooftaa,na ergi.

**Mata duree kadhannaa**

- Ya waaqayyo isa waaqa irra jiraattuu, garbicha kee na godhadhu. Akkan ergaa sagalee jaalala keetii fi fayyina ati dhala namaaf gootee warra kan biraaf hiruuf hiruu danda'utti na tolchi.
- Ayyaana keetiin, ya gooftaa, karaa ati wangeela akkan labsuuf naaf filte sanaan dhugaa kana akkan labsuuf ofii koo nama barate fi sirriitti hidhate godhii na eebbisi.
- Akkan gufuu fi sodaa garaa garaa mo'adhutti hafuurakee qulqulluutiin na cuuphi. Toora ittiin humni kee darbu fi ergaa fayyinaa kiristoos isa du'ee du'aa ka'e akkan ta'uuf na gargaari.
- Dadhabbii paasterootaa, hojjettoota wangeelaa, kan barsiisotaa fi wangeelawota addunyaa kana guutuu irra jiran eebbisi. Aangoo fi humnaan isaan guuti. Adaraa lubbuun ijoolee keetii miliyoonatti lakka'amu waggaa kana keessa haa fayyuutii isaan gargaari.
- Maatiin keenya jaalala kee mana keenya fi hawwaasa keessatti haa ibsanii isaan gargaari. Tokkummaan mana keessatti akka argamuuf, walitti dhufeenya gar-gar cabe ati fayyisi, arabsoo nama miidhuu danda'uttii nu eegi, waan abdi namaaf hin laannee keessatti humna nu qulleessu nuuf ergi.
- Amantoonni keenya guutummaa Addunyaa keessa jiraatan guyyaa guyyaan sagaleekee ha-sooratan. Guyyaa guyyaatti kadhannaa dhuunfaa keenya keessatti si barbaannatii, si malee waa gochuu akka nuti hin dandeenye nu yaadachiisi.
- Akka ati Neersotaa fi Doktorata nu kaaftee isaan naannoo saboota 1978 ta'an biyyoota 22 keessatti argaman diviszinii giddu gala lixa Afirikaa tiif waldaa dhaaban godhii nuuf kaasi.
- Saba miliyoona 49 magaaloota maqaan isaanii tarreeffame 19 nuu diviszinii Trans-European jala jiraniif si-kadhanna.

- Goftaa, maaloo dargagoonni keenya lallaba qofa kan lallaban utuu hin taane isa lallaban sana ha-ta'an. Hirmaannaa dargagootaa 100,000 ta'an guyyaa dargagoota Addunyaa yaalii wangeelaa isaan godhaniif si kadhanna.
- Namoota torbanuu maqaan isaanii tarreeffamee nu harka jiruuf si-kadhanna. Adaraa garaa si-hubatu isa Ermiyaas 24: 7 keessatti caafame sana isaaniif kenni.
- Kadhannaan addaa ati qabdu yoo jiraate…

# KADHANNAA GUYYAA 10



**Guyyaa 10ffaa**

## HAFUURA QULQULLUU KEESSA JIRAACHUU

**“Ani abbaa nan kadhadha, inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraa kan isiniif dubbatu, isiniif in kenna…. Ani kophaatti is in hin dhiisu, gara keessan nan dhufa…. Yesus deebisee, Eenyu illee yoo na jaallate dubbii koo in raawwata, abbaan koo immoo isa in jaallata; nuyis isa bira in dhufna, iddoo jireenyaas isa bira in godhanna.” (John 14:16, 18, 23, NKJV).**

**Dhugabaatii**

“Ganama yeroo kaatu abdi-kutannaan sitti dhaga’amaa? Akkasumas jajjabinni waaqa biraa si barbaachisaa? Garalaafinaan, garaa guutuudhaan abba kee isa waaqaatti fedha kee himachuu ni feetaa? Ergamoonni kadhata keetti milikitta gochuudhaan, yoo kadhannichi gowwoomsaa arrabaa hin qabu ta’e, yeroo ati gara jabinaan aartee dogoggora hojjettu, dhiibbaa garaa garaa mulisuudhaan warreen kaan dogoggoratti ooftu, ergamaan inni si eeguu cina kee dhaabbatee gara haala gaariitti si guddisuuf jechoota ati dubbachuu maltu siif filee, yaada kee akka ati jijjiirtuuf dhiibbaa godha.” (Ellen White, Messages to Young People, p. 90).

Sanbata gaaf-tokkoo, mana ittoo keessa utuun jiruu nyaata waliinii (potluck) sana ergaa nyaanee booda mana guddaa isa kan michoota keenyaa (fellowship) keessa kan jiru saani (dishes) itti dhiqatan sana keessan lixe. Dargageettiin biyya Raashiyaatii jijjiramtee dhufte tokko saanicha qoorsaatti jirti turte. Kiristaanaa akka isheen hin taane nan beeka, calliseedhuma garaa kootti kadhachaa carraa kanatti attamitti akkan dhimma ba’u yaadaan saanii sana gargaaree wajjiniin miicuu ittan fufe. “Gaaffiin siif qaba, yoo fudhachuu baatte,’’ “Dhguma maaliidha?” jetteen. “Maaliif namoonni Raashiyaa baayyeen kiristaanota hin taane?” jedheen gaafadhe. “karaa addaa maaliif akkan kiristaana hin taane na gaafachuu keetii?” naan jette.” Tole” Ammas irra deebi’een garaa qulqulluudhaan “Maaliif ati kiristaana hin taane?” “Ani salphaadhumatti waaqayyo jiraachuu isaatiif ragaa tokkoo iyyuu hin qabu,” naan jette bifa ifaa ta’een. Kana booda akkas jettee na gafaatte,” Ati maaliif kiristaanaa taate?” naan jette. “sababa ani ragaa hedduu qabuufi” ittiin jedhe. Akkas jette, “Tole, ragaan kee maali ?” kana booda waaqayyo maal akka naaf godhe dhugabaatii koo kenneef.

“Yoo yaaluudhaaf ni barbaadda taate yaalii tokkoon siif kenna” ittiin jedhe. “Nan amana yoo yaalii kana hojjette waaqayyoo jiraachuu isaaf ragaa ni argatta.” “Sa’atii muraasa aarsaa gootee ji’a tokkoof wangeela Yohaannisiin akka ati dubbiftuuf sin afeera. Yoo ji’a tokkoon fuuldura xumurte baayyee gaarii, sa’atii namni tokko hin beekneetti waaqayyoon akka ati kadhattuufan si afeera. Wantoota ati duwwaan waa’ee isaa beektu qofa isatti himi, waa’ee waan ati duwwaan

beektu sanaaf waaqayyoon kadhadhu, sana booda waan ta'u ilaali." "Tole" "sagaleen kun ga'aa dha, kun yaalii nama gammachiisuudha." Jette.

Akka barataa jijjiirraadhaan dhufeetti bakka maatiin ishee jiran bakka kamiinu dhaqxee aadaa isaanii qorachuuf akka dandeessu beekamaadha. Kanaaf, torban hundumaa waldaa ni dhufti sababiin isaa maatiin ishee baayyeen kana waan godhaniif. Akkuma qorannaa ishee jalqabdeen torban lamaan booda, gara waldaa ishee barbaacha dhaqeen akkas jedhee ishee gaafadhe, "Qorannoon kee maal irra ga'eera?" calluma jettee turtee garuu gammachuu qabdi, "Maal akka ta'aa jiru hubachaa hin jiru, amma ille deemuuf torban lama na hafee jira, akka gaariitti adda hin baafanne garuu ani Kanaan booda Waaqayyo hin jiru jechuu hin danda'u." "kan nagaa siif ha-ata'u," jedheen deebiseef. "nideemta, dhugaadha yoo sammuu qulqulluu qabaatteef waa'ee Waaqayoo ragaa hedduu isaa argatta." Guyyaa guutuu kolfaa na galateeffachaa oolte. Guyyaa 30 utuu hin raawwatin dura gara Raashiyaa deemtee turte, garuu isheenii fi Waaqayyo akka gaariitti walargatanii akka jiran nan beeka.

**Attamitti jiraachuu Abbaa, Ilma fi Hafuura Qulqulluu amantaa?**

1. Callifnee Samuu fi garaa keenya banaa goonee qorannaa macaafa qulqulluu irratti yeroo keenya fixna. Sagalichi Yasuusii dha (Yohan 1:14; 14:6-9), yoo isa argaa jirra ta'e, Abbaas argaa jirra. Akkasumas Hafuura qulqulluudha kan sagalichi akka fudhatama argatu godhu {2 Peexir 1:21). Yeroo macaafa qulqulluu dubbifnu, sagalee abdii isaattis amannu gara fakkaatti bifa Yasuusitti jijjiramaa dhufna. (2 Qoront. 3:18).
2. Itti aansuudhaan, akkuma hiriyaa keenyaaf garaa keenya bannu sanatti waaqaafis garaa keenya banuudhaan yeroo kadhannu, hafuurri qulqulluun nutti siqa, laphee keenya laaffisa, hafuurichi rakkinoota dursanii nutti dhufaniif deggersa nuuf ta'a. yoo kadhanne humni seexanaa nu irraa caba, akkasumas yeros nuti qorumsa isaa humna waaqaatiin moonee dabarra.
3. Xumura irratti, macaafa qulqulluu warra kaanii wajjin dhageenyee fudhanee yeroo jennuu, gara onnee waaqaatti baayifne itti siqna, yeros keessi keenya guddisee nagaa argata. (Maati'o 11:28-30).

**Heertuu macaafa qulqulluu qabannee ittiin kadhannu.**

- **2 Peexir 1:21—** Hafuurri qulqulluun macaafa qulqulluu akka nuti dubbifnee isa fudhanneen Isa, Ilmaa fi Abbaa bira injiraanna. (Yohaan 14:23).
- **Luqaas 11:11-13—** yeroo waaqayyo nu-wajjin jiraachuu isaatiif kadhannu humna Hafuura qulqulluu dabalachuu keenyaa dha.
- **H E. 2:1-4—** Hafuurri qulqulluun akka nuti waan Waaqayyo nutti himu fi attammitti akka nu-eebbisu qooddannu barbaada.

# KADHANNAA GUYYAA 10



- **1 Ximoti. 2:1-4—** yeroo nuti kadhannu hafuurri qulqulluun olla keenya illee ni eebbisa, namootas gara fayyina isatiitti ni fida.
- **H E 5:31, 32—** Waan Waaqayyo akka raawwanuuf nutti hime sana yeroo raawwannu, argamuu Hafuura qulqulluu fi eebba isaa jireenya keenya irratti dabalanna.
- **Roome 8:26—**hafuurri qulqulluun akka nuti nama kadhataa taanu barbaada. Dhugumaan eebbi isaa yemmus nu duukaa bu'a. (2 Seenaa Baraa 7:14).

**Mata duree kadhannaa**

- Ya jaallatama Abbaa isa waaqa irraa, akkan yeroo gammachiisaa si-wajjin qabaadhuutti beela sagaleekeetii na keessatti uumi. Macaafa qulqulluu akkuman dubbiseen, amala kee qulqullinatti akkan hubadhuu fi yaada ati jireenya kootiif qabdu akkan beekuutti hubanoo naaf kenni.
- Yasuus**,** adaraa hafuura kee qulqulluu gara jireenya kootiitti ergiiti nama kadhataa nagodhi. Araarsituu jabaa godhii na jijjiiri, yeroo sana baayyoonni hidhaa seexanaa isa dukkanaa sana keessaa fayyanii walaba ba'uutii.
- Yaadni koo fi garaan koo fedha kan kee wajjin walitti haa camadamu. Sagalee keetiif abboomii keetiif sirriitti abboomamee akkan deemuuf na godhi.
- "Na fudhadhu, guutummaatti kan kee na godhadhu. Karoora koo hunda miilla kee jalattan gata. Tajaajila kee keessatti har'a dhimma natti ba'I, na wajjin ta'i, hojiin koo hundinu si duratti kan bareede naaf haa ta'u." (Ellen White, Steps to Christ, p. 70).
- Gooftaa, dura buutota waldaa keenyaa addunyaa irra jiran hunda gara keetti finna. Akka isaan murtoo barbaachisaa fi saba kee sirriitti geggesaniif ogummaa isaaniif kenni.
- Ijoollee keenyaaf si kadhanna. Akka isaan mul'atanii siif dhaabbatanitti isaan jabeessi, gufuun fi dhiibbaan addaa addaa yeroo isaan muudatu filannoo ogummaan guutee fi dhugaaf dhaabachuu akka danda'anitti ati isaan gargaari. (Isaiah 44:3, 4).
- Maatii addunyaa jeequmsa, gaddaa fi burjaajjiin guutte keessa jiraniif si kadhanna.
- Gooftaa, humni dadamaqiinsaa inni bara durii sun bara dhumaa kanattis waldaa kee haa guutu. Samiin yoo harca'e illee mee dhugaaf haa dhaabbanu.
- Warren nama torbaa maqaan isaanii tarreefamee nu harka jiruuf si kadhanna. Adaraa tokkoo tokkoo isaaniitti Yasuus hammam akka isaan jaallatu itti agarsiisi.
- Kadhannaan addaa yoo jiraate itti dabali.

# KADHANNAA GUYYAA 10



**Sirna Ayyaneffannaa Sanbataa, Amajjii 18**

**Sanbata xumuraa irraatti wantoota dhiyaachuu qaban**

Sanbanni inni xumuraa yeroo gammachuu guddaa ta'uu qaba, yeroo kadhannaa guyyoota kudhanii kana keessatti waan waaqayyo siif waldaa keetiif godhe hundumaaf yeroo ati itti gammadduudha. Guyyaa itti guddeenya waaqayyoo fi gaarummaa isaa itti galateeffattu/ayyaaneffattu saganteessi. Guyyoota kurnanuu darban keessaatti attamitti hafuura qulqulluu argachaa akka turte yaadadhu. Sanbanni kun sanbata gammachuu isa nuti waan inni nuuf godhe maratti gammadnu, isa inni amma nuuf gochaa jiruu fi sichis nuuf gochuuf yaadetti gamadnuu dha.

Fedhiin tokkoo tokkoo amantootaa adda addadha, dura buutoota waldaa wajjin karoora ifaa ta'e waldaatiif baasuudhaan irratti waliin hojjedhaa. Kunoo Kanaan gaditti kan argamu yaadawwan barbaachisoodha jedhaman xumura sanbataa tajaajila waldaatti geggeeffamu irratti hojjedhu.

**Tartiiba tajaajilaa**

- 10:30 -- Faarffannaa walitti qabu
- 10: 45 -- Simannaa Baga nagaan dhuftanii, beeksisa fi sagantaa beeksisuu/ibsu
- 11:00 – Faarfannaa galataa ka'anii faarfatu.
- 11: 05 – heertuu dubbisaa - akkuma dhaabbatanii jiranitti
- 11:10 -- Kadhannaa walii galaa – paasteriidhaan ykn geggeessaa waldichaan. Kadhannaan kun kadhannaa galataati, gaaffii ykn iyyata miti. ----ummanni ni jilbeenfatu.
- 11:15 – kadhannaa cubbuu ofii himachuu. Namoonni ammayyuu utuu jilbeenfatanii sagalee utuu hin dhageessisin kadhatu. Namichi saganticha geggeessu yaa Waaqayyo akkaataa 1 YOH. 1:9 jedhutti waan kadhannaa keenya dhageesseef akkasumas waan cubbuu keenya nuuf dhiifteef si galateeffanna. Ergaa xumuranii ummanni ni taa'u.
- 11:20 -- yeroo aarsaa sassabanii fi kadhannaa galataa isa waaqayyo kurnaffaa fi kennaa akka laannuuf nu eebbisee akkasumas kennichaaf kadhachuu.
- 11:25 – faarffannaa addaa sagantichaa walfaana deemu.
- 11: 30 – karaa paasterichaa ykn geggeessaa waldaa ergaa gabaabaa barbaachisummaa kadhannaa jireenya keenyaaf qabu.
- 11: 40 – pasterichi ykn namni biraan namoonni fuuldura dhufanii tarii kadhannaa addaa irratti kadhatamu kan qaban yoo jiraataniif waamicha gochuufiidha. Akka isaan

dubbataniif yeroo kenniif. Namni tokko ka'ee akka kadhatu fi gaaffii isaa waaqaaf akka dhiyeessuf gochuu.

- 11: 55 – Dhugabaatii addaa fi hojii addaatiif kadhachuu. Fakkeenya: hawwaasaaf kadhachuu, gaa'eela fi maatiidhaaf.
- 12:10 – Farfannaa xumuraa isa ittiin eebbi ta'u.
- 12:15 – Eebba.

**Filannoo sagantaa**

- Kadhannaa deebi'eef ka'anii dhugaa ba'uu.
- Yeroo kadhannaa garee xixxiqaatti hiramanii kan jiraniif.
- Kadhannaa Yeroo itti aanuuf beeksiisa beeksisuu. – oduu daa'immotaa wa'ee kadhannaa irratti.
- Haasaan karaa dargagootaan ni ta'a.

**Hafuura waaqayyoo barbaadduu/fedhuu**

## Waadaa karaa kadhannaa gaafatamuu qaban

### 1. Hafuura qulqulluu akka argannuuf waadaa galame

1 Bokkaa ji'a birraa akka isiniif kennuuf Waaqayyoon kadhadhaa! Isatu duumessa bokkaa qabuu fi bokkaa tiifuu namootaaf ergee, wanta hundumaaf, lafti biqiltuu biqilchee akka lalisu godhe. Zakaar, 10:1

Egaa isin hamoota taatanii utuu jirtanii, ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, abbaan keessan inni waaqa irraa immoo, hammam isin caalaa warra isa kadhataniif hafuura qulqulluu kenna! jedhe. Luqaas 11:13

"Hafuura isa isiniif dubbatu, abbaa biraa isiniif nan erga; hafuurri dhugaa inni abbaa biraa ba'u sun yommuu dhufu, anaaf dhugaa in ba'a. Isinis immoo jalqabaa jalqabdanii anaa wajjin waan turtaniif, dhugaa in baatu jedhe…. Inni yommuu dhufu waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa, waa'ee firdiis, biyya lafaa in hubachiisa" Yohan 14:26; 16:8

"Dhuguma, dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta. Abbaan ilma isaatiin ulfina akka argatutti, waanuma isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha. 14 Waanuma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhattan, ani nan raawwadha jedheen" Yohan 14:12-14

"Yommus ergamichi, ergaa isa Waaqayyo biraa dhufee Zarubaabelitti akka ani dubbadhuuf anatti in hime; ergichis, Hafuura kootiin malee humnaan miti, aangoodhaanis miti kan jedhu ture; kana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate." Zakka. 4:6

### 2. Waaqayyoo kadhannaa akka deebisu waadaa galame

"Isin anatti qabattanii yoo jiraatan, dubbiin koos isin keessa yoo jiraate, waan feetan in kadhattu, isiniif in ta'as" Yohaan 15:7

"Yeroo barbaachisetti akka nu gargaaraniif araara isaa fudhachuudhaaf, ayyaan isaas argachuudhaaf, kottaa ija-jabinaan gara teessoo Waaqayyoo isa ayyaanaan guututti in dhi'aannaa." Ibroota. 4:16

"Kanaaf isinittan hima! waan kadhattan waan gaafattanis hundumaa akka waan fudhataniitti lakkaa'aa amanaa, isiniif ta'uufis jira!" Maarq. 11:24

“Guyyaa rakkinaatti na waammadhu, ani isa keessaa butee sin baasa, ati immoo ulfina anaaf in laatta in jedha*.” Faarsa ,50:15

“Ammas isiniin nan jedha; isin keessaa namoonni lama biyya lafaa kana irratti waa'ee waan tokkootti walii galanii yoo kadhatan, abbaa koo isa waaqa irraa biraa wanti isaan kadhatan in kennamaaf.” Maatt. 18:19

“Abbaan ilma isaatiin ulfina akka argatutti, waanuma isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha.” Yohaa, 14:13 fi “Gaafas isin homaa ana hin gaafattan; dhuguma, dhuguman isinitti hima, waanuma isin maqaa kootiin isa kadhattan abbaan isiniif in kenna. 24 Hamma ammaatti isin maqaa kootiin waan tokko illee hin kadhanne; egaa gammachuun keessan guutuu akka ta'uuf kadhadhaa, in fudhattus! isaaniin jedhe.” Yohaa. 16:23,24

“Akka fedha isaatti yoo isa kadhanne inni nuuf in dhaga'a; akka kanatti isa in amananna. Kadhata keenya akka inni nuuf dhaga'u yoo beekne, waan kadhanne akka isa biraa argannus in beekna”. 1Yoha. 5: 14,15

## 3. Waadaa waa’ee humna waaqayyoo

“Wanti dinqisiisaan Waaqayyo gochuu dadhabu jiraa ree? Bara eger yowwana deebi'ee gara kee nan dhufa, Saaraanis ilma godhattee na eegdi jedhe.” Uum. 18:14

“Amma Waaqayyo isiniif in lola, isin gabii argadhaa! jedhe.” Seera ba’uu 14:14

“Yesus immoo gara isaanii ilaalee, Namootaaf hin danda'amu, Waaqayyoof garuu akkas miti; Waaqayyoof wanti hundinuu in danda'ama jedhe.” Mar 10:27

“Inni isin waame amanamaa waan ta'eef, kana in godha.” 1 Tassa. 5:24

“Ati waan hundumaa gochuu akka dandeessu nan beeka, akeeka kees karaatti kan hambisu hin jiru.” Iyo 42: 2

“Kana hundumaa irratti Waaqayyo gara keenya erga ta'ee, eenyutu nu irratti ka'a jenna ree? 32 Waaqayyo ilma isaa utuu hin mararsiifatin hunduma keenyaaf dabarsee erga kennee, waan hundumaas immoo ilma isaa wajjin tola nuuf hin kennuu ree?” Rom. 8:31, 32

“Waaqayyo akka namaa miti, inni hin sobu, †gaabbuudhaafis inni ilma namaa miti, inni wanta jedhe hin godhuu ree? †Wanta dubbates hin raawwatuu ree?” seera lakk.23:19

Ati hin beeknee ree? Hin dhageenyeesii ree? Waaqayyo, gooftaa bara baraan jiraatuu dha, inni isa guutummaa biyya lafaa uumee dha; inni hin mudhuku, hin dadhabu, hubannaa isaas namni qoree bira hin ga'u;

“inni warra dadhabaniif humna in kenna, warra aangoo hin qabneefis jabina in kenna; ijoollonni in dadhabu, in mudhukus, dargaggoonnis gufatanii in kufu;
warri Waaqayyoon abdiidhaan eeggatan garuu humni isaanii in haareffama; akka joobiraas baalleedhaan ol in ka'u; in fiigu, garuu hin dadhaban, in adeemu, garuu hin mudhukan.” Isa. 40:28-31

## 4. waaqayyoo akka nu geggeessu waadaa nuuf galame

“Ani Waaqayyo gooftaan kee, 'Iddoo ati dhaqxu hundumaatti sii wajjinan jiraatii ati cimi, ija jabaadhu, hin sodaatin, hin na'inis!' jedhee si hin abboomnee ree? jedhe.” Iyaasuu, 1:9

“Kunoo, ani sii wajjinan jira, iddoo ati dhaqxu hundumaatti sin eega; biyya kanatti sin deebisa, waan ani sitti dubbadhe siifan raawwadha malee, si hin gatu! Jedhe” Uum. 28:15

“Kunoo, ani karaa irratti akka si eeguuf, iddoo ani qopheessettis akka si geessuuf ergamaa si dura nan erga.” Seera ba’u 23:20

“Garuu achitti Waaqayyoon gooftaa keessan in barbaaddattu; isin garaa keessan guutuudhaan, yaada keessan guutuudhaanis yoo isa barbaaddattan isa in argattu!” keessa deebi 4:29

“Dachaan hundinuu ol haa kaafamu, tulluun, gaarris hundinuu haa kuffifamu! Inni bu'aa-ba'iin diriiraa haa ta'u, inni wal caccaalaanis wal haa qiqixxaatu!
Yommus ulfinni Waaqayyoo in mul'ata, Waaqayyo ofii isaatii kana waan dubbateef, namni hundinuu kana arguuf jira in jedha” Isa. 40:4, 5

“inni, Na kadhadhu! Anis siif nan dhaga'a; wanta guddaa ati qortee bira ga'uu hin dandeenye sitti nan hima.” Erm 33:3

“Waaqayyo, ''Waan gochuun siif ta'u sin hubachiisa, karaa irra adeemuun siif ta'u sittan argisiisa; sin gorsa, ija kootiinis sin to'adha*. Ati akka fardaa fi gaangoo” Faar. 32:8

“Miilli koo lafa wal qixxee irra qajeelee in dhaabata, walga'ii keessattis Waaqayyoon nan jajadha*!” Faar,25:12

“Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin! Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif in qajeelcha.” Fkn 3: 5,6

“isa beela'eef nyaata yoo kennitan, isa rakkates yoo gargaartan, ifni keessan dukkana keessatti in ba'a, dukkanni keessanis akka guyyaa saafaa in ta'a.

Ani Waaqayyo yeroo hundaa isin nan geggeessa, lafa gogaa keessatti iyyuu isin nan quufsa, namummaa keessanis nan jabeessa; yommus isin akka iddoo dhaabaa isa yeroo hundaa bishaan qabuu, akka burqaa bishaan isaa hin hir'annees in taatu;" Isa. 58:10, 11

"Yommus utuu isaan ana hin kadhatin nan deebisaaf; utuma isaan anatti himatanii hin fixinis nan dhaga'aaf." Isa. 65:24

## 5. Garaa jijjiirameef waadaa nuuf galame

"ani garaa isaan ittiin ani Waaqayyo akkan ta'e beekan isaaniif nan kenna; garaa guutuudhaan gara kootti in deebi'u; ani Waaqayyo isaaniif nan ta'a, isaanis saba koo in ta'u jedhe." Ermiyaas 4:27, 26

"ani garaa haaraa isiniif nan kenna, hafuura haaraas isin keessa nan kaa'a; ani garaa isa akka dhagaa sana isin keessaa nan baasa, garaa isa akka fooniis isiniif nan kenna

;" His 36:26

"Waaqayyo inni hojii gaarii isin keessatti jalqabe, hamma guyyaa Kristos Yesus deebi'ee dhufutti, fiixaan akka baasu nan amanadha" Fil. 1:6

"Kanaafis namni kan Kristos yoo ta'e, uumama haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo, inni haaraan dhufeera."2 Qoron. 5:17

"Egaa si'achi Kristos isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jireenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, ilma Waaqayyoo isa na jaallate, ofii isaas dabarsee isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha." Gal. 2:20

"Waaqayyo inni nagaa namaaf kennu guutummaatti ofii isaatiif isin haa qulqulleessu; yeroo dhufa gooftaa keenyaa Yesus Kristosittis hafuura keessan, lubbuu keessan, foon keessanis fayyaatti mudaa akka hin godhannettis haa eegu! Inni isin waame amanamaa waan ta'eef, kana in godha."1Tasa 3:23,24

## 6. Dhiifamni akka nuuf ta'uuf waadaa nuuf galame

"Sabni koo warri dhuunfaa koo ta'an kun gad of deebisanii ana barbaaddatanii, karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'anii, yoo na kadhatan, ani waaqa irraa isaaniif nan dhaga'a, cubbuu isaanii isaaniif nan dhiisa, biyya isaaniis nan fayyisa." 2 Qor. 7:14

"Yaa gooftaa, ati gaarii dha, jaalala keetiinis namaaf cubbuu isaa in dhiifta, warra si waammatan hundumaafis gaarummaan kee in baay'ata*." Far 86:5

“Kadhachuuf yommuu dhaabattan, abbaan keessan inni waaqa irraa yakka keessan akka isiniif dhiisutti, nanmi tokko waa isinitti yakkee yaada keessan miidheera yoo ta'e dhiisaaf!” Marqo: 11:26

“Walitti kan toltan, garaas kan waliif laaftan ta'aa; akkuma Waaqayyo karaa Kristos cubbuu keessan isiniif dhiise, isinis akkasuma waliif dhiisaa!” Efe. 4:32

“Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa”1 Yoha. 1:9

'' 'Kottaa mee walii wajjin dhugaa in baafnaa cubbuun keessan akka dhiigaa yoo isin diimesse iyyuu, akka cabbii in addaattu; diimaa biluus yoo isin godhe iyyuu, akka jirbii iddamaa adii in taatu.” Isa. 1:18

“Ana, anumatu ofuma kootiif jedhee, irra-daddarbaa kee siif balleessa; cubbuu kees deebi'ee hin yaadadhu;” Isa. 43:25

“ani yakka isaanii isaaniif nan dhiisa, cubbuu isaaniis deebi'ee isaanitti hin lakkaa'u; isaan hundumti isaanii xinnaadhaa hamma isa guddaatti ana waan beekaniif, si'achi namni tokko illee nama biyya isaatiitiin yookiis obboleessa isaatiin, 'Waaqayyoon bari!' jedhee, gorsuu hin barbaachisu jedhe.” Ermiy 31: 34

“Akka badhaadhummaa ayyaana isaattis Kristos dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna” Efe. 1:7

## 7. Cubbuu irratti mo’icha akka qabaannuuf waadaa nuuf seename

“Sababii namni mucaa Waaqayyoo ta'e hundinuu biyya lafaa mo'uuf, ba'aa ulfaatoo itti hin ta'an; humni ittiin biyyi lafaa mo' amu kunis amantii keenya” 1Yoh 5:4

“Waan nu irra ga'e hundumaatti garuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa arganna” Rom. 8:37

“Waaqayyo isa karaa gooftaa keenya Yesus Kristos mo'icha nuuf kennuuf immoo galanni haa ta’u. “1 Qor. 15:57 “

“Egaa ani sii wajjin waanan jiruuf hin sodaatin! Ani Waaqayyo kee ti hin na'in! Ani sin jabeessa, ani sin gargaaras; irree qajeelummaa koo isa mirgaatiin ol sin qaba.” Isa. 41:10

“Kana hundumaa irrattis amantii akka gaachanaatti fudhadhaa! Isaan xiyya isa hamaa sanaa warra boba'aa adeeman dhaamsuu in dandeessu.” Efe. 6:16

“Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti in hojjeta.” Filip.2:13

“Ani garuu, Hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha foonii hin raawwatinaa! nan jedha”. Gala.5:16

“Waaqayyo inni nagaa kennu immoo dafee Seexana miilla keessan jalatti in caccabsa; ayyaanni gooftaa keenya Yesus isinii wajjin haa ta'u!” Rom 16:20

“Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha.” Rom. 12:2

“Biyya lafaa yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa; namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru. “1 Yoh 2:15

## 8. Dhibee keenyatti akka nu fayyisu waadaa nuuf galame

“Sagalee ana Waaqayyo gooftaa kee isa sitti dubbatu dhugumaan yoo dhaggeeffatte, wanta ana duratti qajeelaa ta'e yoo goote, abboommii koo yoo dhageesse, seerrata koo hundumaas yoo eegde, dhukkuba ani warra Gibxiitti fide hundumaa keessaa tokko illee sitti hin fidu; ani Waaqayyo fayyisaa kee ti jedhe” seer.ba’u 15:26

. “Waaqayyoon ulfinaan jajadhu, yaa lubbuu ko, wanta gaarii inni godhe hundumaas hin irraanfatin*! Inni yakka kee siif in dhiisa, dhukkuba kee hundumaattiis si fayyisa*; Jireenya kee awwaalamuu in oolcha, gaarummaa fi oo'a si gonfa*; inni jireenya kee waan gaariidhaan in quufsa, dargaggummaan kees haara'ee akka joobiraa in taata*.” Faars. 103, 2-5

“Ani ogummaa qaba ofiin hin jedhin; Waaqayyoon sodaadhu, wanta hamaattiis fagaadhu! Kun fayyaa dhagna keetiif, cimina lafee keetiifis in ta'a”. Fakkeny.3:7,8

“namoonni isa tuffatanii isa irraa in goran, inni nama dhiphinnii fi muddamni itti baay'ate ture; inni akka nama tuffatanii, achi ilaalanii bira darbanii in ta'e; nuyis homaatti iyyuu isa hin lakkoofne. Inni garuu dhugumaan dhiphina keenya of irra in kaa'e, muddama keenyas in baate; nuyi garuu akka waan Waaqayyo dha'icha isatti fidee, akka waan inni isa rukutee gad isa deebisettis in lakkoofne. Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka

keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame;” Isa. 53:3-5

“Yaa Waaqayyo, ati jajannaa koo ti'o, na fayyisi, yommus ani nan fayya; ati na oolchi, yommus ani nan oola.” Ermi 17;14

“Diinonni keessan, 'Isin Xiyoon ishee gatamte, ishee namni dhimma ishee hin qabnee dha' yoo isiniin jedhan iyyuu, ani immoo madaa keessan nan fayyisa, gogaa haaraas isa irratti nan biqilcha; kana ana Waaqayyotu dubbate.” Erm. 30:17

“Haa ta'u iyyuu malee, waanan ittiin ishee fayyisu ergee ishee nan oolcha; namoota ishee fayyisee isaanis nagaa guddaa argatanii, bir'aa malee gammachuutti akka jiraatan nan godha.” Erm. 33:6

“Isin warra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif in ba'a; akka jabbii goorana keessaa ba'ees gad baatanii in burraaqxu” Mil.4:214

“Isin keessaa namni dhukkubsate jiraa? Inni jaarsolii waldaa kristiyaanaa haa waamsifatu; isaan immoo maqaa gooftaatiin dibata dibanii kadhata haa godhaniif. 15 Kadhanni amantiidhaan godhamu kun, isa dhukkubsataa in fayyisa; gooftaan isa in kaasa, cubbuu hojjeteera yoo ta'es in dhiisaaf.” Ya’iq 5:14,15

## 9. Humna fedha Waaqayyoo raawwachuuf abdachiifamne

” Waaqayyoon eeggadhu, jabaadhus!” Far.27:14

“Kanaafis nuyi matumaa abdii hin kutannu, namummaan keenya inni bakkeetti mul'atu gad dhumaa yoo adeeme iyyuu, namummaan keenya inni keessaa har'aa bor haara'aa in adeema. 17 Rakkinni salphaan inni nuyi yeroodhaaf baannu kun, ulfina bara baraa isa safara malee guddaa sana baachuudhaaf nu qopheessa. 18 Nuyi gara wanta ijaan hin argamnee ilaalla amalee, gara wanta ijaan argamuu hin ilaallu; wanti ijaan argamu yeroodhumaaf ta'a, wanti ijaan hin argamne garuu kan bara baraa ti.” 2 qor: 4:16-18

“Yeroo isaatti humna utuu hin dhabin galfachuuf waan jirruuf, ammas kottaa wanta gaarii ta'e gochuutti hin laafnu!” Gal, 6:9

“Jabina gooftaan anaaf kennuun waan hundumaa gochuu nan danda'a.” Filip. 4:13

“Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti in hojjeta.” Fili 2:13

# KADHANNAA GUYYAA 10



“Inni garuu, Ayyaanni koo si ga'a, humni koo dadhabaa keessaan akeeka isaa in raawwata naan jedhe. Humni Kristos ana bira akka buufatuuf, dadhabaa ta'uu kootiin hundumaa irra caalchisee gammachuudhaan of nan jaja” 2Qor, 12:9

## 10. Dhugabaatuu isaa akka taanuuf waadaa nuuf seename

“Hin sodaatinaa, hin na'inaas! Ani kana isinitti hin himnee ree? Duraan dursees isinitti hin mul'ifnee ree? Egaa isin anaaf dhuga-baatota; ana malee Waaqayyo kan biraa jiraa ree? Anoo kanan hin beekne hin jiru, Waaqayyo inni kattaa jabaan ana malee kan biraa jiraa ree? jedhe.” Isa. 44:8

“Ifni kee dhufeera, ulfinni Waaqayyoos siif ba'eera, kanaafis ka'ii ibsi!” Isa. 60:1
“Kun hundumtuu Waaqayyo isa karaa Kristos ofitti nu araarse biraa ta'e; inni hojii araarsuu isaa kanas namootatti akka dabarsinuuf nuuf kenne” 2Qoron. 5:18

“Waaqayyo ammas anatti dubbatee, ''Gara ani itti si ergu hundumaa dhaqi, wanta ani si abboomu hundumaas godhi malee, 'Ani mucaa dha' hin jedhin!” Erm: 1:7

“Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu isaaniin jedhe.” H E 1:8

“Isin garuu qomoo fo'amaa dha, luboota mana mootummaa ti, saba qulqullaa'aa dha, warra dhuunfaa Waaqayyoo ta'anii dha. Waaqayyo hojii isaa isa jajamaa akka labsitaniif dukkana keessaa, gara ifa isaa isa dinqisiisaatti isin waame”1 pexir 2:9

“Kristosiif garuu akka gooftaatti garaa keessan keessatti ulfina addaan ba'e kennaaf! Waa'ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga'u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa'oo ta'aa! “1 pexir 3:15